

مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنڊى - ائوبيا



رفع الحضارة الإسلامية
للشيخ محمد الفاضل بن عا شور
ضبطها وقدم لها: عم عبيد حسن

Hafuura Qaroomina Islaamaa

Qopheessaan:

Sheekh/ Muhammad Al-Faadil bin Aashuur

Barreessaan:

Umara Ubeeydi Hasanaa

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyooophiyaa 2017 G.C

روح الحضارة الإسلامية
للشيخ محمد الفاضل بن عاشور
ضبطها وقدم له: عمر عبيد حسنه

**HAFUURA QAROOMINA
ISLAAMAA
Sheekh/ Muhammad Al-Faadil
bin Aashuur
Barreessaan:
Umara ubeeydi hasanaa**

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C.

DF-E-TrBs -17/17

BAAFATA

Mata Duree

FUUL

<i>Dursa</i>	7
<i>seensa:</i>	27
Namoomuu Qarooma Islaamaa	28
Madaalummaa fi Hamma Murteessuu	30
Maalummaa Ofii Beekuun Wiirtuu Qaroomaati	32
Haalaa fi Amalli Uumamaa Nagaya Ta’uu	35
Sirna hawaa Waliin Wal Simachuu	37
Iimaanni Qajeelchaadha; xiinaluun Ragaadha	39
Sammuu Fi Hubannoon Wahyiin Waliif Galuu	41
Wal-Qabachuu Saayinsii fi Iimaanaa	43
Qaroomni adeemsa boca Dhuunfaa	49
Iddoo Hir’inni Jiru	53
Karaawwan Ka’uumsaa Sirreessuu (Diriirsuu)	62
Rakkoo Duubatti Hafummaa Muslimootaa	70
Hafuurri Qaroomaa Kallattii Xiinxalaa Ta’e Irraa Fagaachuu ..	81
Karaa Qormaata/Xiinxala Ibnu Khalduun	84
Hiika Qaroomaa Akka Ilaalcha Islaamaatti	91

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

Maqaa Rabbii akkaan tola oolaa ta'ee fi akkaan mararfataa ta'eetiin jalqabna.

Faaruum kan Rabbii addunyaa hunda uumeetii, rahmataa fi nageenyi ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta'e irratti haa jiraatu.

أَقْرَأْ بِاسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ (١) خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ عَلَقٍ (٢) أَقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْرَمُ (٣) الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ (٤) عَلَّمَ

الْإِنْسَانَ مَا لَمْ يَعْلَمْ (٥) العلق: 1-5

Maqaa Gooftaa keetii Isa waa hunda uumeetiin dubbisi, Isa (kan) ilma namaa dhiiga ititaa irraa uume, haala Gooftaan kee hunda irra Arjaa ta'eetiin dubbisi. Isa qalamaan barreessuu barsiise sani.(kan) ilma namaa waan inni hin beekne barsiise.

وَاللَّهُ أَخْرَجَكُمْ مِنْ بُطُونِ أُمَّهَاتِكُمْ لَا تَعْلَمُونَ شَيْئًا وَجَعَلَ لَكُمُ السَّمْعَ وَالْأَبْصَارَ

وَالْأَفْئِدَةَ لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ (٧٨) النحل: 78

Yeroo Rabbiin garaa haadha teessanii keessaa isin baasu homaa hin beektan ture, ergasii boooda akka isin galatoomfattiif dhageettii, argaa fi onnees isinii godhe.

Dursa:

Faaruum kan Rabbii guddaa waan hundaaf ga'aa ta'eeti. Nagayaa fi rahmanni gabroottan isaa filamoota (ergamtoota Rabbii) ta'an irratti haa jiraatu.

Kanatti Aansuudhaan:

Seenaa Islaamaa hunda keessatti sochii haaromsaa fi jijjiirama adda addaa fidan sababoota ciminaa fi dadhabinaa beekuuf jecha dhabbannii kuni sagantaa qorannoo qopheessee jira. Isa jalqabaa (sababaa jabeenyaa) hojii irra oolchuu fi isa lammaffaa (sababaa dadhabinaa) of irraa eegguuf yoo ka'u, beektota garii mari'achiisuuf afeeree ture. Akkasuma warra marii waliin qaban hedduus dhimma kana irratti hirmaachisee ture.

Warra mariif affeeramanii hirmaatan keessaa tokko: Barsiisaa kabajamaa, *Dr.Abdul Majiid An-Najjaar* ture; innis: yeroo kana sagantaa kanatti haalaan gammaduudhaan battalumatti yaada bu'uuraa barbaachisoo tahan hedduu isaaniiif dhiheessee ture.

Dhaabbatichi teessoo ofii iddoo (Herndon) jedhamutti waamicha afeerraa isaaf godhee ture; innis waamicha kana kabajuudhaan ganna dabre ji'a tokko guutuuf obboleewwan isaa waliin ta'uudhaan; kitaaba xiqqoo *sheek Al-Faadil bin Aashuur qopheessan* akka bu'uura sagantaa kanaatii fi galmee hordoffii hojii isaanii godhatan yaada laateef. Yeroo kitaabichi ilaalamuus sirrii ta'uun yaadni kun hubatamee dubbiin dubbii dhogoomsite.

Akka isaan jedhanitti kitaabni kun xiqqaa ta'uu waliin ergaa guddaa kan of keessatti qabduu fi bu'uura sagantaa kanaa ta'uu wajjiin galmee hordoffii hojjichaa akka taatu filatame.

Dhaabbatichi kitaaba kana dhiheessuu fi mata duree kana qorachuuf kallattii sadihiin kan walitti hidhamu gochuudhaan, hojjitti galuu isaa labse. Kallattiileen kunniin yoo ibsaman; jalaqaba qaroomaa haaromsa qaroomaa fi deebisanii qarooma jiraachisuu yoo ta'an, kallattiileen kunniin kallattiillee bu'uuraa lama irratti kan ijaaramaniidha. isaanis adeemsa fi ilaalcha harawoomsuu, qaroomaa fi beekkumsa ijaaruu.

Bifuma wal-fakkatuun, dhaabbatichi yeroo kana raawwatu, hojjicha kanaan dura darban kan akka adeemsa hojiiwwaan haaromsuu fi jijjiramaa yeroo dheeraaf godhamaa turan wajjiin karaa tokko irra akka jiran ibsa. Garuu adeemsa himame kana keessaa tokko qofa hordofuu osoo hin ta'in hunda isaanii waliin walitti dhufeenya, hariiroo cimaa, dhaalaa walii waa dabarsuudha. Walitti dhufeenyi ummata kanaa wal-qabataa waan ta'eef erga dhaalaan walii dabarsuun amala isaaniitii.

Rabbiin ol aane akkana jedha:

وَالَّذِي أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ مِنَ الْكِتَابِ هُوَ الْحَقُّ مُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ إِنَّ اللَّهَ بِعِبَادِهِ لَخَبِيرٌ

بَصِيرٌ ﴿٣١﴾ ثُمَّ أَوْرَثْنَا الْكِتَابَ الَّذِينَ اصْطَفَيْنَا مِنْ عِبَادِنَا فَمِنْهُمْ ظَالِمٌ لِنَفْسِهِ وَمِنْهُمْ مُقْتَصِدٌ

وَمِنْهُمْ سَابِقٌ بِالْخَيْرَاتِ إِذْنِ اللَّهِ ذَلِكَ هُوَ الْفَضْلُ الْكَبِيرُ ﴿٣٢﴾ سورة فاطر: 31-32

“Kitaaba (Qur’aana) irraa waan isa duraa kan dhugoomsu ta’ee kan Nuti gara keetti buufne isatu dhugaadha. Dhugumatti Rabbiin gabroota isaa akkaan

beekaa argaadha. Ergasii kitaabicha (Qur'aana kana) isaannan gabroota Keenya keessaa filanne dhaalchifnee jirra. Isaan irraa nama lubbuu ofii miidhutu jira: isaan irraas nama karaa giddu galeessaa filatutu jira. isaan irraas warra hayyama Rabbiitiin hojiiwwan gaggaarii irratti dursantu jira. Sun isumatu tola guddaadha¹". [SuuraaFaaxir: 31-32].

Dhabbatichi dhugumaan barsiisaa kabajamaa Umar Abiid hasanah jedhamutti qorannoo waa'ee kanaa akka raawwatu amaanaa itti kenne. Barsiisichis akka itti ajajametti bareechee dhiheesse. Akkasitti kitaabichi sun haalaan bareedaa fi wantoota dabalataa hedduu waliin dhihaate.

Kitaabichi yeroo bifa kanaan dhihaatu dhaabbatichi beektotaa fi xiinxaltootaaf qorannoowwan waa'ee garee sochiilee haaromsaa fi jijjiiramaa seenaa keenna darbee fi ammaa irraatti qaban akka dheheessaan waamicha godha. Akkasumas sababoota qarooma Islaamaatiif mijaa'oo ta'anii, ka'uumsa fi dagaaginaa qarooma Islamaamaa cimsan akkasumas sababota of duuba deebi'uu fi kufaatii isaa ta'an akka qoratan taasise. Qorannoo fi qo'annoon kun yaadannoo shoorra warra dabranii, qajeelfama warra amma jiraniitii fi dinniina (akeekkachiisa) warra kana booda dhufaa jiranii akka ta'uufi.

Rabbi dhugaa dubbata, isumatu karaa qajeelaa irra nama kaa'a.

*Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alawaaniy
Hoogganaa dhaabbata Xiinxala Islaama Addunya*

¹- Hiika Qur'aana kabajamaa fuula (642-643) irraa fudhatame.

Dursa

Barreessaan; Umar Ubeyda Hasanah

Nama jechuun uumama dirqamni irra jiruudha; kan Sammuu yaadu qabaachuun uumama biraatiin adda ta’u, sammuu ittiin waan barbaade filachuu danda’u, sammuu kanatu kallattii qaroominaa, riqicha galmaa fi safartuu isaati. Kana ta’uu waliin qaroomni kan madaalamu; ga’uumsaa fi dandeettii inni namummaa nama tokkoo mirkaneessuu keessatti qabuun, kennaa isaa guddisuu, dandeettii isaa gadi dhiisuu, simannaa isaa tiskuu fi maalummaa ofii hubachuutiin. kunis hawaa fi jireenya waliin wal isa simsiisuun akka toluufi. Akka ilmi namaa of kabajee nama biraas kabaju shoorri qarooma ijaaruu hedduu barbaachisaadha.

Ilmi namaa humna hojii gaggeessaa fi kaayyoo qaroomaa ta’ee argamuu waliin, imala qaroomni gara galma isaa ga’uuf godhu irratti gufuu, gaaga’amaa fi balaa qarooma kana irratti raawwatamu ta’uun isaa hubatamuu qaba. Kunis sababa ilmi namaa: beekumsa daangeffamaa, dandeettii daangeffamaa, umrii jireenyaa daangeffamaa, hubannoo daangeffamaa, daba adda addaatiif fi miira fedhii uumamaa kan adda addaatiin dhiibamuu isaa irraa ka’uudhaani.

Dabalataanis, dhugaawwan dhokataa ta’an, kan uumamaa fi xumura isaa hin beekne sodaa isatti ta’uun, tasgabbi sammuu isaa balleessee carraaqqii fi kalaqa isaa irratti dhiibbaa fida. Wanta inni raawwatuu danda’u irraa isa dhoorgee, isa raasuun tilmaama isaa irraa isa hurgufee ijjannoo isa dhabsiisuun dhiibbaa isa mudatu kan hanga fedhe yoo jalaa

miliquuf yaalii godhes kan hin dandeenye fi addunyaa diinagdee qofa keessa lixuun akka liqinfamee hafu godha.

Kanaafuu ilmi namaa qaama isa irraa ala ta'e, kan qajeelfama fi kallattii adeemsa isaaf sirreessu, beekumsa hin daangeffamne kan qabu, kan yeroo fi iddoon isa hin daangessine, kan wanti dhokattuun isa jalaa dhokachuu hin dandeenye tokko argachuun haalaan isa barbaachisa.

Innis: Amantaa fi Iimaana isa qajeelchu, kan nageenya lubbuu isaati fi hawaasummaa isaa mirkaneessu, kan dandeytii isaa karaa sirrii ta'etti gadi dhiisu, kan kennaa isaa kan uumamaa kallattii sirriitti qabsiisu, fedhii isaa kan uumamaas qulqulleessuu fi dhimma isa bu'uuraa kan hin dagannee argachuu daran isa feesisa.

Akkasumas, Iimaana eenyummaa isaa amanu, namooma isaas mirkaneessu fi gosoota gabrummaa adda addaa kan gocha isaa irraa dhufu ykn kan qaama alaa irraa isatti dhufu irraas walaboomsuu isa barbaachisa.

Xiyyeeffannaa qajeelfama ilma namaatiif kenname kanatu, qarooma Islaamaa kan biraa irraa haalaan adda godha. Innis; kennaa wahyii, hawwii sammuu fi fedhii lubbuu giddutti kan wal-fudhannaa argamsiisuudha. Sadarkaa ilma namaa riqicha hojii qofa ta'uu fi meeshaa oomisha qaroomaa qofa ta'uu irraa gara itti fayyadama bu'aa qaroomaa ofii oomishee fi ittiin tajaajilamaa qarooma namooma isaa mirkaneessutti ol guddise.

Hawaan ilma namaatiif laaffifamee Ilmi namaa itti gaafatamaa ta'uu wajjiin kabajamaa waan ta'eef, qarooma

tajaajiluu dhiisee akka isaa fi kan biraas qaroomaan tajaajilaman wahyiin sadarkaa isaa ol kaase. Waadaa fi hariiroo barnoota wahyii fi hawwii sammuu jidduu jirutu namummaa qarooma Islaamaa kan daandii isii bocee fi kaayyoo isii murteesse oomishe. Kunis gulantaawwan adda addaa irratti bu’aa mirkaneessee, akka namni itti gaafatamummaa qabu meeshaa raawwii qaroomaa kanaa tolchu taasise; *Rabbiin Guddaan akkana jedha.*

أَلَا يَعْلَمُ مَنْ خَلَقَ وَهُوَ اللَّطِيفُ الْخَبِيرُ ﴿١٤﴾ سورة الملك: 14

“ **silā Rabbiin nama uume hin beekuu, inni beeka iccitii fi ogeessa waa hundaati.** ⁽¹⁾”[Suuraa Mulki: 14].

Ibsaa fi qajeelfamni wahyii irraa yoo ta’u, ragaan waan sammun irra ga’uudha. Rabbiin ol aane akkana jedhe:

سَرُّهُمْ أَيْنَمَا فِي الْأَفَاقِ وَفِي أَنْفُسِهِمْ حَتَّىٰ يَبَيِّنَ لَهُمُ أَنَّهُ الْحَقُّ ﴿٥٣﴾ سورة فصلت: 53

“**Dhugaa ta’uun isaa (Qur’aanaa) hanga isaaniif ifa ta’utti Nuti mallattoowwan Keenya moggaa (samii) fi lubbuu isaanii keessattiis ni agarsiifna** ⁽²⁾”. [Suuraa Fussilat:53].

Wahyiin galma kan daangessu yoo ta’u, sammun immoo sirna isaa argata. Meeshaa raawwii galmichaa ittiin mirkaneessu oomisha.

1- Hiika Qur’aana Kabajamaafuula (829) irraafudhatame.

2- Hiika Qur’aana Kabajamaa fuula (709-710) irraa fudhatame.

Gadaa Nabiyyii (SAW) booda miidhaan qarooma muslimootaa muudate hundi, kan bifa walli galaatiin qarooma addunyaa seenaa yeroo garaa garaa irratti argame hanqina madaala wal-dhabuu barnoota wahyii fi hubannoo sammuu ta'uun isaa ni mala. Baruumsi Wahyii galma kan namatti argisiisu ta'us yoo hubannoon sammuu fi carraaqqiin meeshaa kaayyoo galmaan ga'u uumu bira jiraachuu baate galmichi fagaatee hafa, qabatamaan argamuun isaas ulfaataadha.

Akkasuma hubannoo sammuu fi oomisha isaa qofa irratti hundaa'uun xiyyeeffannoo qajeelfamaa irraa fagaatanii; karaa kaayoo ilma namaa fiixaan baasu hin horatu jechuudha. Kanaafuu shoorri nama itti gaafatamummaa qabuu guddatee mul'atee, kan nama kabajaa qabuu xiqqaatee dhokata. Yeroo kana karaan waan galma ta'ee argamuuf namni karaa baduudhaan tajaajilaa qaroomaa ta'ee argama.

Akka qorannoon sirrii kan qabatamaa waa'ee Islaamaa fi Qaroomina addunyaa yeroo ammaa irratti gaggeeffamu ifatti mul'isutti, addunyaan Muslimootaa addunyaa kaayyoo, sonaa ejjannoo, fi dhaadannoowwanii waan hanqina qabaniif karaa qaroomaa fi kan saayinsii namoomaatiin deeggaramee uumuu hin dandeenne. Kanaaf Saayinsii, beekumsaa fi Sammuu waliin ta'uun wantoota sirrii uumuudhaaf amma waan yeroon isaa dhume fakkaata.

Yeroo Qaroomni Addunyaa Qarooma meeshaa kan ilma namaa tajaajilaa godhatee kaayyoo fi galma ga'iinsa beekumsa wahyii fi qajeelfama Iimaanatiin hin argamne irraa hoongesse

keessatti; Qaroomni Islaamaa fakkeenya ta'aa waan dhufe fakkaata.

Gadaan jireenya Nabiyyii (S.A.W) fi bakka buutota Islaamaa afran keessatti Qarooma Islaamaa wanti adda taasisu, akkuma dubbannee jirru yeroo sana keessatti rakkoolee jajjabaaf furmaata laachuu, wahyii fi hawwii sammuu waliin wal-madaalchisuu, akka dirqama bakka bu'ummaa kanaan deemuu danda'uuf sammuu nama itti gaafatama qabuu karoor-suun nama kabajamaa Qarooma galmaan ga'u gochuuni.

Islaama biratti amaanaan itti gaafatamummaa fi kabajamaa ta'uun hubatama. Akkasumas ergaan Islaamaa kan itti amanuu fi ka'umsa jalqabaa ta'u kanatu oomishama qaroomaa duuba goree kallattii hundaan gara sirrii ta'etti cunqursuun qarooma xumuraa fi waaraa ta'e godha. Qur'aanni yeroo sammuu namaa bilchaatee qajeelfama akka isaan hin barbaachifne amanu keessatti tajaajilaaf kan oolu taasisse.

Xumura jechuun: Wahyii dhaabbachuu jechuu yoo ta'u; kuni immoo akka itti gaafatamummaan sirrii ta'uun ergaan adeemsa Qur'aanaa fi Hadiisa sirrii ta'uu ibsa. Yaada sammuutii fi qabatama irratti hundaa'uun yoo ilaalamu itti gaafatamni sona dogoggora ta'ee fi barumsa hir'uu ta'een guutamuu hin danda'u.

Kana irraa ka'uun: addummaa fi mijjeen qaroomaas eegumsaa fi tika Rabbii kan wahyii itti fufiinsaan akka turu taasisse kanaatiin malee mirkanaa'uu hin danda'an. Wahyii kunis yeroo ilmi namaa bifa sirrii ta'een fudhatee hordofe qarooma Islaama bu'a qabeessa taasisti. Yeroo sammuu

simannaa isaa keessatti karaa irraa dabee boodatti hafummaan argamee qaroomni ni fagaata. Kana jechuun dhalootaaf yeroo kamiyyuu qaroomni itti hin fufu jachuu miti.

Waraa (kan addaan hin cinne) jechuunis: erga wahyiin dhaabbate booda itti gaafatamummaa sammuu jechuudha. Innis sona kana waliin barnoota saayinsii namummaa fi wantoota qarooma babaldhisuuf gargaaran oomishamuun akka Islaamummaan lafa qabatee babal'atu godha.

Sona Islaamaa bilchaataa ta'een Qarooma fiduuf adeemsa namaatii fi oomisha qaroomaa sirreessuu murteessa. Yeroo kana nama kabajamaa ta'e bira ga'uuf kaayyoo xiyyeeffannaa wahyii fi tooftaa kaayyoo mirkaneessuu irratti fuulleffachuu qabna. Yoo shoorra hubannaa sammuutii fi itti gaafatama isaa waliin hubachuu baanne; xumurama cinna wahyii fi itti fufiinsa babal'inna isaa waraa yeroon daangeffamuu fi iddoon hidhamuu irraa bilisa ta'ee fi ilaalcha fulla'aa qabaachuu isaa akkamiin beekuu dandeenyaa?

Amaloota Qarooma Islaamaa adda taasisan keessaa: dhugaa ta'uu amantaa mirkaneessuu, amantii qayyabachuu fi raggaasisuuf Yaada saammuu hirkoo godhachuudha. Akkasumas amantii fedhiin fudhachuu karaa taasuu isiiti. Kanaafuu amantaan Islaamaa filannaan yoo fudhatan malee dirqamaan namarratti hin fe'amu. Amantiin filannoo fi namooma namaa mirkaneessuudha. Ammas fedhii dhiibbaa keessaatiif awwaachuu fi uumamaan itti madaquudha malee dirqamaan moo'amu jechuu miti.

Akkasumas, marii fi simannaa tokkoon ala fudhachuu jechuu miti. Dandeettii namaatii fi hubannoo sammuu laamshessuu jachuu miti. Kana jechuun ergaan Nabiyyii (S.A.W) sanyii gaarii lubbuu ilma namaa kan simachuu danda'uu fi kan magarsu keessatti dhaabuun; akka isheen waan gaarii magarsitu gochuu, akaakuu adeemsa dachii keessatti kan babal'attuu fi dameewwan jireenyaa kan haqaa fi gaarii fireessaniidha. Akkasuma ammas kanneen irraa hafan si'aa'ina ilma namaa keessatti ta'a.

Amantiin lubbuu qulqulleessuu fi ol-guddisuu jechuudha malee isii adabuu, rakkisuu fi dadhabisiisuu jechuu miti. Galmi itti gaafatama isaa waan danda'u gumaachuu fi iddoo barbaadame ga'uudha. Mallattoolee Qarooma Islaamaa adda taasisan keessaa: namoomsitee haasa'uu, dirreen hojii ishees sammuu namaa ta'uu, kennaan ishees gocha namaa ta'uu, dhiibbaan ishees ogummaa argamsiisuudha. kanaaf makaa fi bu'aan isaas kallattii seenaatiin yeroo ilaallu namooma ta'ee argama.

Kallattii Ji'oograafitiin yeroo ilaallus Addunyaawaa ta'e; gara yaadaatiin yeroo ilaallus iddoon argama namaa ta'e. madda uumamaa fi haala xumura isaa ilaalchaan tokkoomsa. Kanaafuu qaroomni Islaamaa kun isa yeroo jalqabaatiif uummata bal'aa ijaaruuf; lammummaa sadarkaa addunyaatii fi mootummaatti yaadaa labse. Adda addummaa, hidhaa fi daangaa biyyummaa hunda irraa fagaachuudhaan madaala ulfinnaa, safara caalmaayaa fi guddinaa akka horatamu taasise.

Akkasuma hojii isaa gaarii uumamaa fi amala isaa kan uumamaa wajjiin walitti firoomse.

Kanaafuu madaalliiwwan wal-caalmayaa baratamaa ta'e, kanneen akka: garaa garummaa halluu, saalaa, sanyii fi lafaa kan namaan hin argamne hunda diiguudhaan dhiibbaa gosummaa fi miidhaa isii irraas bilisa baase.

Amantiin Islaamaa sanyummaa, lammummaa fi saala uumama dhaabbataa ta'e gocha namaa kan hin taane taasiftee ilaalte. Inuu mallattoowwan uumamaa, asxaa guutama hawaasummaa, kan hojiin wal-gargaaruu, wal-barumsaa murteessuu fi ammas kenna sadarkaa addunyaatiif karaa saaquu goote.

Kunis garaagarummaa akaakuu fi lakkoofsaati malee adda addummaa faallaa fi wal-waraansaatii miti. Akka kanaan gosoota qarooma badanii fi amma jiran kanneen inni jiraachu qabu haa jiraatu jechutti amanan hunda irraa adda ta'uu dandesse ⁽¹⁾.

Dursa kana keessatti dhugaan laalamuu qabuu fi osoo itti hin akeekamne dhiisuun hin taane, qaroomni Islaamaa haasawa nagayaa kan isaaf mirkaneeffamee fi bu'aa xumura nabiyyummaa (S.A.W) ta'ee kan addummaa fi mijaa'ina Qaroomaa isii horachiise ta'uudha.

¹ Kan jiraachuu qabutu jiraata "*kana jechuun isaanii kan jiraachuu qabu isa jabaafi ol aantummaa qabu*" qofa jechuu isaaniiti.

Kana bu'uura godhachuudhaan marsaa adda addaa irratti shoorra, irraa eegamuu fi ragaalee Qaroomaa qabatamoo ta'aniin dabareewwan seenaa baay'ee gonfachuu danda'eera. Walumaagalatti, yeroo gara yerootti hacuuccaa, dhiibbaa fi rakkina hunda tarkaanfachuun deebitee balali'uu dandeessu waan ta'eef kun marti ragaa ga'aadha.

Sababoonni dadhabina, kufaatii fi kuttoonfachuu qaroomaa wal dhabbii madaala Wahyii fi sammuu gidduu jiru akka ta'ee ni dubbtama. Akkasumas dadhabina meeshaa leenjii, aadaan wal-simannaa namaa fi Islaama, wahyii fi sammuu giddutti uumame irraa kan dhufeedha. Kana qofaa miti sababa hanqina leenjii irraa kan ka'e sammuum muslimaa rakkoowwan isa mudatan gara Qur'aanaa fi Sunnaatti deebisuu dadhabuunis ragaadha.

Kanaatu dandeettii seerota ittiin xiinxalanii fi meeshaalee furmaata isaaf argamsiisan horachuu isa dhoorge. Kuniis akka qajeelfamni xiyyeeffannoo qura'aanaa fi Sunnaa yeroo fi iddoo isaatti hin mirkanoofne gufuu itti ta'e.

Rabbiin akkana jedhe:

وَلَوْ رَدُّوهُ إِلَى الرَّسُولِ وَإِلَى أُولِي الْأَمْرِ مِنْهُمْ لَعَلِمَهُ الَّذِينَ يَسْتَنبِطُونَهُ مِنْهُمْ ﴿٨٣﴾

سورة النساء: 83

“Osoo gara Ergamaatii fi gara nama isaan irraa abbootii dhimmaa (Taaytaa) isa deebisani, Silaa isaanirraa

*warri sirritti qoratan (xiinxalan) isa beeku turan*¹...[SuuraaAn Nisaa'i : 83].

Ragaa xiinxalanii hubachuun itti gaafatama sammuu. Sammuun kun sona kitaabaa fi sunnaa ofitti hiriirsuun gara furmaataatti ittiin qajeeluu kan danda'uudha.

Inni nuti mijjee qaroomaa fi deebi'ee bifa haarawaan ka'uu jenne mirkanaa'uu kan danda'u yoo tooftaa namaa fi Islaammaa wal simsiisun argame qofa. Seenaa dheeraa ummataa keessatti wanti yaaddoo yeroo dheeraa warra sirreessitootaa fi sochii haarawoomsaa taasisan dura dhaabbatu, qo'annoo fi qorannoon sirreessitoota kanaa, hubannoo fi ilaalchi furmaataaf kaa'an wal dhabullee wal-ta'iinsi hubannoo isaanii, qarooma ragaaleen mirkaneessuu hin dandeenye. Garuu mijjeen qaroomaa kun akka argamu karaalee hedduu kaa'uun dagaagsee jira.

Miira booda aantummaa qaroomaa muslimootaa kana qabaachuu fi Islaammaa ragaan mirkaneessuuf taaytaa qabaachuun hirmaannaa warra tolchitootaa wajjiin qaban keessatti lakkaa'ama. Akkasuma sochii haaromsa fi ka'uumsa walii galaa keessatti ni hammatama. Osoo miirri sun jiraachuu baatee sochiin haarawoomsaa kanaaf, yaaliin yeroo adda addaa Qarooma Islaamaa mi'aa kana addunyaa Islaamaatiif deebisuuf taasifamu kun hin jiraatu ture.

Garuu, akka ilaalcha keenyaatti- rakkoon himamaa ture kun bakki itti hafe; hubannoo ga'aa ta'e dhabuudha. Kallattii

¹- Hiika Qur'aana Kabajamaa; fuula (154-155) irraa fudhatame.

boodatti hafiinsi kun dhufeen sababaa dhiheenya fi fageenyaa, heeraa fi seera galma ga'iinsa adeemsa kana murteessu naannawa hundaan beekuu dhabuudh. Mallattoolee fi sababoota rakkoo kanaa addaan baasuun barbaachisaa ta'uu hubachuu dhabuudha.

Dhimmi fagoon gaafii yeroo kanaa ta'ee fi barbaadamaan dhihaachaa tures isuma kana. Innis dhimmi qabatamaan lafa gubbaa jiru qorachuu fi sirreessuu dadhabuun, ragaa ifa ba'aa ta'ee akka furmaatatti nuuf keenamuuf yaalame sun bu'aa abdatamaa ta'e fiduu hin dandeenye. Dhaloota hunda keessatti warreen ilaalcha isaanii cimaa fayyadamuun furmaata rakkoo jiruuf kaayan takkaa hin dhabamne. Garuu ilaalchaa fi yaaliin kuni osoo karaa banuu fi jijjiirama mul'ataa ta'e fiduu hin danda'in karaatti hafe. waan sababaan isa fide sirritti hubatamee akka barbaachisutti hin kaa'aminiif bu'aa irraa eeggame fiduu dadhabe.

Wanti hubachiifamuu qabuu fi osoo itti hin akeekne bira dabruun hin taane: ragaa Qarooma Islaamaa sochii jijjiirama walii galaa fiduu dadhabuu murteessuun Keenya, Carraaqqiin sadarkaan isaa wal-dhabaa ta'e hin jiru jechuu miti. Kan warra hegeree dhufaa jiraniif mallattoo sirriis ta'ee dogoggoraa karaa kaahaa hin jiran jechuu miti.

Yoo dogoggora kana sirreessuu dandeenyee fi diriirsuudhaan faallaa kana gara sirriitti jijjiirree dhugaa bira ga'uudhaan karaa fi ifaajee dhaloota haarawaaf gabaabsuun ni dandeenya. Kanaafuu addunyaa Islaamaa kana keessatti irra deddeebi'anii qorachuun, sirreessuun, barnoota kaayyoo sochii

sirreessaa fi haara'oomsa jijjiirama kana keessatti kallattii adda addaatiin yaalii ifa ta'e godhuuf bu'aa yaalii sirrii kana dhaloota haarawaaf dabarsuun dirqama ulfaataa dhaloota kana irra jiruudha.

Kana gochuun sammuuhee heddu sammuu tokko keessatti kuusuu, dhaloota hedduus dhaloota tokko keessatti walitti qaabuu fi seenaas ammayyeessuu ta'a. Akkasumas, seenaa dabree fi isa ammaa walitti qabuun bu'aa eeggamaa ta'e akka fiduu fi ogummaa kana keessattis hirmaachuu ta'a.

Yaada keessa galuu dhiisanii yaalii dabran irraan utaaluun, dogoggora keessa jiruu fi sirrii keessa jiru hubachuu keessatti mirga isaa hir'isuun Sababoota isa fidaniin rakkoo keessa jiran ilaalu fi qorachuu dhiisuun, mul'ata gubbaa calaqqisu qofa irratti gabaabbachuun, faana rakkootii fi burqaa hir'innaa ilaalu dhabuun mucuca kufaatii hedduutii fi gufuu galma ga'iinsa irraa duubatti deebisee dogoggora akka deddeebi'an godhan ta'uun isaa hubatamaadha.

Kana jechuun rakkoon akka jiru miiraan beekanii qorannoo dandeettii furmaata itti laatu dadhabuu fi sababaa rakkoo kana fide hubachuu, akkasuma fala isaaf kaa'uu dhabuu jechuudha.

Rabbiin olaane akkana jedhe:

“Isaan (kaafiroonni) Jireenya duniyaa irraa gubbuma beeku. Isaan (kaafiroonni) Aakhiraa irraa immoo daguu keessa jiru ⁽¹⁾” [Suuraa Ruum: 7].

Kanaaf akka nu yaannutti dhaabbanni xiinxala Islaamaa addunyaa kun iddoo gaaga’aa kana filachuun isaa uummmata Islaamaatif barbaachisaadha jennee amanna. Yaada kallattii bu’uura jireenyaa ta’e kana barsiisuu, sammuu Muslimaa qaree gara seeraa fi heera jireenyaa saaqee karaa hawaasummaa isa kufaatiif saaxiluu ifatti baasuudha. Ka’uumsaafis bu’uura ta’uu kan danda’uu fi seera qaroomaa bu’uursuun, kallattii ittiin rakkoo keessaa ba’an argisiisuu fi qarooma bade kana deebisanii ummataaf dhaabuu irratti xiyyeeffata.

Ammas irra deebi’anii barnoota saayinsii fi qorannoo barnoota namummaa kan aadaa kana karoorsuu keessatti akka hirmaatu godhuu, galma akka itti geessu mijeessuu, tooftaa hawaasa jijjiiruu, sochoosuu, dandeettii wal-simsiisuu, namaa fi Islaamaa akka deebisuuf karaa dhaabbata leenjii fi hubannootiin isaa yaalii taasisuudha.

Fakkeenya qaroomni Islaamaa waaraa ta’uu fi bara kamiyyuu keessa deebi’ee dhaabbachuu danda’uu irratti ragaa oomishuu, maqaa Islaamaa sadarkaa addunyaatti ol fuudhee waamsisuu akka danda’uu fi qarooma addunyaa hundaaf iddoo

1- HiikaQur’aanakaabajamaafuula (595) irraafudhatame. Kitaabairrattikeeyyannididdamiifi lama (22) kanjedhusirriimiti. Innisirriikeeyyatatorbaffaati (7).

akka gadaamessa ta'ee laalamuu isaa mirkaneessuu qabna. Bu'aawwan qaroomaa, adeemsa sirraawaa, sammuu fi namni qarooma yaadaa fi gochaanis kalaquu akka danda'u itti amanutti yaadamu kanatti hidhamee akka argamu taasiseera.

Sadarkaa bu'aa fidu irra ga'uu danda'uuf bifa walitti fufiinsaan sagantaa jiru sirreessuudha. Kana goona Muslimoonni iddoo jabaa fi bu'a qabeessa kana argachuun isaan gaha.

Dhugumatti jalqaba kana irratti wanti barbaadamu yaada warra waa sirreessuuf socho'uu kana walitti fidanii falmii irratti dhiheessanii marii godhuudha. Kanaafis barruun Sheek **Faadil bin Aashuur** kun angafa ta'uun ni kajeelama.

Beektonni waa'ee moggaasa qarooma kana qoratan; daangaa seenaa fi bu'aawwan moggaasa: qarooma, aadaa fi magaalomuu jedhu kana ilaalchisee akkana jedhan: **Magaalomuun**; oomisha qabeenyaa of keessatti qabattu yoo tatumeeshaalee ilmi namaa qofti itti fayyadamu qabatamaan oomishuu jechuudha.

Aadaa: kan jedhuus, qorannoo oomishaa, adeemsa barnootaatii fi sona namootaan kan uumamaniidha jedhanii yaadu.

Qaroomni: bu'aa oomisha ilma namaa kan aadaa fi magaaloma keessatti argame jedhu. Nuti akkaataan moggaasa kana itti dhiheessine kun yaadaaf ni dhiyaata jechuu caalaa bakka itti hin kenninu. Maaliif? Yoo jedhame; bu'aan Qaroomaa kun aadaa fi yaadaa duwwaa irraa kan ka'e osoo hin ta'in yaada gara ful duratti ibsamaa fi babaldhataa dhufu irratti

hunda'a. yaanni kuni jalqabni isa bifa qabeenya qabatuun qaama boca wahii godhatee dhufa. Kanaaf jalqabni waan tokkoo yoomiyyuu mallattoo yaada warra abbootii sanii baadhattee warra birootti geessa.

Sadarkaan nuti amma irra jirru kunii fi ija keenyaan argaa jirru kuni boca warshaalee kaahuu fi hojii irra oolchuun addaan bahamee jira. Kana irraa ka'uudhaan biyyoonni guddatan gariin yaada burqisiisanii warra biraatti gurgurachaa jiran. Akka warri kun boodaan gara qaroomaa ga'uu fi magaalomu godhuuf jecha; wanti kun adda calaqqisuu caalaa wanti biraa kan inni ibsu hin jiru.

Gara jalqabaatti yeroo of duuba yaadaan deebinu: Dhugumaan dhaabbanni xiixala addunyaa Islaamaa keessatti bakka jabaa fi sadarkaa dammaqaa guddaa ta'uu wajjiin hatattamaan yaada bu'a qabeessa kana babal'isee waliin ga'uu fi sammuu guddaa oomishee bifa sirrii ta'een ilaalcha yaada muslimaa karoorsee rakkina yaadaa keessaa baasuu fi ga'uumsa isaanii kan sadarkaa Islaammaa fi yeroo isaan keessa jiran waliin deemu godhuuf sochii irratti argama.

Dhalli namaa yeroowwan dabran caalaa yeroo ammaa kana sirna waal-ta'aa ta'e hordofuu, marii ammayyaa, Qaroomaa namoomaatii fi marii qaroomaa irra ga'uuf xiyyeeffannaa guddaa kennanii jiru.

Dabalataanis, Dhaabbanni xiinxala addunyaa Islaamaa kun barruu (kitaabotii) *Sheek Muhammad Al-Faadil bin Aashuur* kan dandeettii qopheessaa, xiinxalaa fi rakkina addunyaa Islaama yeroo kanaa hubachiisuu irratti dandeetii

addaa qabaachuun ilaalcha kallattii isaa irratti deebisuun Yaada adeemsa sirreessuu durii sana deebisee qoratee qabxiilee dadhabina isaa hubachuuf balbala qorannoo fi qo'annoo banee; sababaa rakkina ummata kana sadarkaa kana irraan ga'e kanaaf bu'uura ta'e ilaaluun rakkoo muslimootaa furuu irratti hojjachaa ture.

Akkasuma ammas: Rakkoowwan kana furuuf kallattii tokkoon qofa osoo hin ta'in, akkasuma yaadaa fi mala sirreessaaf godhamu kana qofa irratti osoo hin gabaabbatin fala sababaa kanaa barbaaduuf hiikkaa yaada furmaataa kan amantii Islaamaa keessatti dhufee fi kallattii rakkoo kanaaf sababaa ta'uu irraa fagoo ta'ee mul'atus hiikuuf yaalii godheera.

Sheek Faadil bin Aashuur dhugumatti baruumsa sharii'aa Koollejji Zeytuunitti barachuun, aadaa karoorsuu, ga'uumsa, beekumsa, dandeettii uumamaa qabaachuu fi yaaliin dirree hojii irratti godhaa turuunis ilaalcha bal'aa haala qabatamaa ummanni Islaamaa yeroo amma irra jiru kana sirritti hubachuu fi bu'aa sochii ka'uumsaa fi sirreessaa beekuu isaaf mijeesse kanaatu hiriyyoota isaa irraa adda isa taasisa.

Haala Qilleensa diinii mijaawaa abbaa isaanii *Sheek Xaahir bin Aashuur* barreessaa fi beekaa guddaa Kitaaba "*Maqaasidu Al-Sharii'aatal-Islaamiyyah*" jedhu barreessee fi Barsiisaa guddaa kollejji Zeytuun hoogganaa warra murtii (labsa sharii'aa) biyya Tuniziyaa kan ta'an kana keessatti dhalatee guddate; isa irraa barachaa fi qajeelfama isa irraa fudhachaa; Akkasumas mana kitaabaa isaanii kana akaakuun barnootaa tokkos keessaa hin dhabamne keessatti qayyabachaa

guddatee achumarraa eebbifame. Yoom kana qofa, nama mana barnootaa kanaaf koree sharii'aa hundeessee tureedha. Akkasumas yeroo adda addaatti yuunivarsiitiwwan **Soorboon, Istanbul fi Al-akarah** keessatti gorsa geggeessuun hirmaatee ture. Dabalataanis: miseensa dhaabbata seer-lugaa ta'uu fi mariiwwan warra kiristaanotaa waan Islaammaa beekanii fi barreessan waliin godhamu irrattis hirmaachuun tajaajilee ture.

Inni Barsiisaa, abbaa murtii, beekaa fi qabsaawaa koloneeffatoota irratti qabsaa'uun tajaajila kennuun jiruu isaa irraa waa hedduu baratee ture. Kunis aadaalee adda addaa fi aadaalee gara garaa horachiisuu danda'ee jira. Xiinxala cimaa wahiyyii fi ilaalcha samuu isaa irraa madde fayyadamuun dandeettii rakkoowwan dhufaniif fala kaa'uu fi sababaa isa fide ittiin saaxiluu danda'uu, dhuunfatee jira. Hir'inni warra fala barbaaduu fi sirreessuu eessaan akka itti dhufe hubachuun yaalii jireenyaa irraa argate jira.

Barreessaan kitaaba kanaa gaafiiwwan hubannoo barbaaduuf, naannoo sochiin sirreessitootaa, tarsiimoo ka'uumsaa irratti godhamanii fi Islaamatti waaman kaasuun kun akkaan barbaachisoodha jedhee amana. Sammuu warra yaaduu ijaaruu fi finiinsuu irratti ga'ee waan qabuuf, kallattii yaada tolchitootaa, qorattootaaf barbaachisanii fi warri sochii sirreessitootaa hordofan barnoota of duraatiif akka fayyadaman godhuuf haalaan barbaachisaadha. Kallattii hundaan dukkana hubannoo nama dhoorgu osoo hin hambisin waan dubbateef; yeroo heddu iddoo kufaatii hubannoon hanqataa barnoota

rakkoo keessaa ittiin baatu ga'aa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e sochiin sirreessaa kun kufaatii deddeebi'aa ta'eef saaxilamte.

Sheek bin Aashuuris erga sagantaalee guddiinatokko tokko kakaasee dubbatee booda; fakkeenya furmaataa rakkoo muslimootaa kanaaf kaa'eme fide keessaa irra bu'a-qabeessa jedhee kan yaadu filatee tarreesse; akkasuma waamicha haaromsaa rakkoo fi haala yeroo san isaan muudate yaada keessa galchuudhaan furmmaanni inni dhiheesse kuni hangam akka kaayyoo barbaadamu fixaan baasuus ibsee ture. kan yeroon sun furmaata itti laachuu hin danda'in qorannaan dhugaa ta'e yeroo keessa jiran sanatti qaamni sirrii ta'uu hojii qaroomaa fi aadaa isaaniin wal simatu sanaaf furmaata sirrii laachuutu irra ture. Keesumaayyuu bakka qaamonni rakkina kanaaf furmaata fiduun isaan irraa eeggamu irratti.

Ibn Aashuur; dhugumaan hubannoon sirreessitoota kanaa rakkina deddeebi'aa oolu kan dhaqqabde moo hin dhaqqabnee? jechuun gadi fageessee qorannoo dheeraa geggeessee ture. Garuu furmaanni kennamuu dhabuu qaama duraa irraa waan argeef; ofii isaatiif kallattii Ibnu Kalduun hordofuu fi ragaa inni rakkoo kana ibsuuf dhiheeffate gubbaa dhaabbatee jireenya qabatamaa muslimni jiraatu kana hiika itti godhee of duraa fi hegerees tilmaamee waan yeroon fiddu ta'uu ibsuun kaa'e.

Waa'ee kanaa ilaalchisee hayyuun Ibnu Kalduun sirritti gadi fageenyaan kan qoratee fi hubate ragaa wajjiin tarreessee kaa'ee ture. Akkasumas hegere akkam akka ta'uus tilmaamuun furmaata sirrii ta'ee fi fudhatama qabus kaa'ee jira waan

ta'eef, akkanumaan osoo hin ta'in kana hunda yeroo sababoota adda addaa kaasuu fi rakkinni sababoota kaafaman hunda walitti qabatee jiruu fi kan rakkoon hundi damee isaa ta'ee dhufuu isaa bu'uuraa argatee ibsa itti kennee jira. Akkasumas falmii fi mormii hedduu yeroo hunda kaafamaa oolu kan qaroomaas ta'ee aadaan bira hin geenye irraa fagaatee dubbii firii qofa tarreessee ture.

Ergaan kitaabni kun dabarsu namoota filatamoo ta'an kan itti gaafatama sirreessuu ofirratti fuudhanii fi fala barbaaduuf ka'anii kallattii sirrii argachuu dhabuun joojja'aa jiraniif akka waamicha kallattii isanii ta'utti ilaalama. Rakkoo hawaasaa kanaa rakkoo dhuunfaa osoo hin ta'in rakkoo sammuu furmaata barbaaduuf dhaabbattee ta'uutu ifaan ifatti mul'ata malee rakkoo ummatichi fala kaa'utii miti. Of duratti karaan adeemsaa inni sirrii ta'ee fi bu'a-qabeessa ta'uu danda'u kaa'amuuf jira.

Kan nuuf hafu gaafii kana: dhuguma warri sirreessuuf ka'an hagam sirna adeemsa karaa sirreessitootaa hubatan, hagam takka rakkoo boodatti hafummaa kana hubatan kan kallattii sirrii ta'e arguu irraa isaan haguuggee faana lafarratti daaw'achuu malee duuka bu'anii bakka hir'inni irraa ka'e kan yaadaa fi kan adeemsaa ilaalanii ijaarsa yaada sammuu ummataa sirreessuu dhaban. Kanaaf isaan bu'aa fi miidhaa dhufee eeguu malee haal-duree fi sababoota bu'aaf miidhaa kanaa fidan arguu irraa maaliif gabaabatan?

Nuti gaafa uunkaa Keenya durii deebifachuuf yaalii goonu kanatti wanti nurraa eeggamu inni jalqabaa qorannaa

Islaamaa isa sirrii horachuu qabna. Adeemsa yaada sammuu keenyaa bu'uuraa isa hubannoo sammuu fi wahyii walitti qabatu kan amantii keenyaa isa jalqabaa irratti deebisuuf hojjachuu nu gaafata. Rakkoo aadaa fi Qarooma yeroo kanaa sirritti hubanee furmaata itti laachuu fi Qarooma karaa bade kana karaa sirrii ta'e qabsiisuun dirqama. Kanaaf sochiin kuni herreega namummaa namootaa irratti dhufte.

Karaa sirrii ta'e irra kan nama kaa'u rabbii guddaa qofa.

Dhaabbata xiinxala Islaamaa addunyaa
Washington.

Hafuura Qarooma Islaamaa

seensa:

Qaroomni Islaamaa dagaagaa fi ifaa ta'uun isaa mamii tokkollee hin qabu, akkasuma Qarooma nam-tolchee keessaa kan isa fakkaatu xiqqaadha, Inumayyuu hin jiru jennee murteessuun ni danda'ama. Ennaa akkana jennu qarooma hin daangeffamne kan bara jiddu galeessaa/bara dukkanaa/ dura jiruu fi kan sana boodaas jiru cufa jechuu Keenya. Murtii gootummaa fi bal'aa daanga-dhabeessa ta'e kennuu kootiin dubbistoonni barruu kanaa suukanaa'aa akka dubbisaa jirantu natti dhaga'ama.

Ergaan yeroon qarooma dabran hundaa kan bahaa lamaan: giddu gala bahaa fi baha fagoo, akkasumas kan lixaa lamaan: Girikii fi Roomaati olitti Qarooma Islaamaa waamu kiyyaa kanaaf suukanaa'uu keessantu natti mul'ata. Akkasuma qarooma ammayyaa hanga ammaatti jiran hundaa qarooma Islaamaa ol-kaasuuf bara giddu galaa duraa fi boodaa jechuun ibsina.

Jachi “*baroota dukkanaa dura*” jedhu kun kan namaafliqimfanu ta'us, garuu jechi “*achiin booda*” jedhu itti dabaluu daran cimaa, ulfaataa fi kan akka malee nama raasu ta'uu isaa anis wallaaleetii miti.

Ani dubbiftoota jecha kiyya kanaa kallattiinis ta'ee al-kallattiidhaan akkamitti kana jette naan jechuu isaanii dhaga'uttin dhihaadha. Yaa sheeka hin jarjarin. Piraamidii fi Gamoo Baabilooniyaa yoo irraanffastee, akkasumas Aartii ogummaa warra Ateensii fi barnoota warra Roomaa yoo kan

mormitu taates, seenaa ammayyaa kan maxxansa odeeffannoo barruu irraa gara Tamsaasa miidiyaa ga'ee fi kan Teleskoopii irraa gara balallii xayyaaraatti tarkaanfate kana biraa eessa jirta?

Inumaa wantoota jijjiirama nannawa keetitti gaggeeffamaa jiran kan akka duula hawaatii fi yaalii ji'a gubbaa qubachuu bara kana keessa godhamaa jiru irraa eessa jirta? Barri kun bara guutama saayinsii, dagaagina qarooma namaatiin daangaa ga'e kana irraa eessa jirtaa?

Walaloon bara durii kan *“kabajama keenyaa fi faarfama keenyaas samiin geenyeerra; kana waliinuu waan caalaatti ittiin mul'annu kajeella”* jedhu; jecha gar-malee daran ittiin ibsuuf jedhame sun yeroo ammaa qabatama ta'ee argamuun isaa waan hin mormamneedha.

Qaroomni ammayyaa kun samii nama baasee hin jiruu? Samii ol waan jiru bira ga'uuf kortoo barbaadaa hin jiruu? Kana booda akkamiin qaroomni addunyaa kamiyyuu Qarooma Islaamaatti hin qaqqabne jechuun danda'ama mee? Jachuun isaanii ni mala.

Namoomuu Qarooma Islaamaa

Eeyyeen dhugumatti nuti akka qaroomni Keenya kan bara kanaa meeshaalee gurguddoo toora ol-aanaa irratti ilma namaa ol-kaasan of keessaa qabu sirritti beekna. Qaroomni Islaamaa Guddaan kun hanga ammaatti dorgomaa kan hin qabne akka ta'e ifaan ifatti dubbanna. Addummaan Qarooma Islaamaa kan qarooma biraa hunda irraa isa foo'u, maalummaa fi uunkaa namummaa of keessaa qabuuni malee ga'ee, iddoo fi

sadarkaa, waan inni irra ga'ee fi argateen (horateen) kan shalagamuu miti.

Wanti dubbii Keenya kana nuuf mirkaneessu qarooma kana kallattii fi naannoon addaan babaafnee kaa'uun; qaroomas dhugoomsuuf ragaalee isa mirkaneessan dhiheeffachuudha. Qaroomni Islaamaa Qarooma bara durii kan hin morminee fi sadarkaa Qarooma ammayyaas kan hin faallessine ta'uu calanqisiisa. Garuu addummaan himame namooma qarooma kanaa mirkaneessee, caalmaya hin argamneen faayamaa isa taasise.

Qaroomni Islaamaa bu'uura jabaan hin sochoonee fi waamicha xiyyeeffannoo qabu irratti ijaarame. Nama wanta namooma isaa faallessu irraa qulqulleessuun akka dhuunfaan hundi wal-wajjiin sirna hawaasummaa banaa irratti hawaasa ijaaruuf hirmaatu waamicha isaaf dhiheesse. Akka addaa addummaa, gitaa fi naannoon wal-filuun ummanni durii irratti wal-bittinneessan irraa walaba ta'aniif waamicha godhe.

1- Wal-qixxummaa dhala namaa mirkaneessuu.

2- Wantootni hunduu kan qabeenyatti rarraatuu fi kana waan sanaan alaatti rarraatus harka namaa jirachuu beekuudha. Ilmi namaa sadarkaa marsaa qabuun hubannoo kana hordofuun irra ga'uu danda'a. Innis: marsaalee wal-deeggaran, kan tokko isa kaan irratti hundaa'u, kan wal-hin faallessinee fi wal-hin diigne, akkasuma kan wal-biraa hin hafneedha. Hubannoo uumamaa duubaan miiraatu jira, miira duubaanis Sammuutu jira; sammun immoo gara haal-duree hubannoo fagoo irraa argatanitti nama geessa; hubannoon

fageenyaa kunis karaa wahyii amanuu, simachuu fi isaaf kennuu irraa argamuu danda'a.

Hubannoowwan kun: osoo wal-hin faallessinee kan wal gargaaranii fi wal-utuban ta'anii turu. Hubannoon karaa tokkoon argame isa karaa biraatin dhufeen wal faallessuun gonkumaa hin danda'u. Waan tokko sirritti ibsuu dadhabe inni kaan caalaatti ibsa. Innis adeemsa keessa hubannoowwan baratamoo ta'aniin alatti nama geessa. Innis karaa wahyiitiin kan dhufu ta'a.

Waamicha namummaa ka'umsa godhachuudhaan ilma namaatiif bifa kanaan dhihaate kun humna namaa guutumatti baasuu keessatti wabii kan qabuu fi humna isaatti daangaa tokko malee akka fayyadamu isa taasisa.

Bu'uura hubannoon irratti ijaaramu kanaatu karaa hubannoowwan kan biraa isa hubannoon faallaa ta'e irraa dhufuun malu hunda irraa ittisuudhaan, akka hubannoon hunduu gara tokkotti fuulleffatee galma ga'uu qabutti imalu. Gara biraatiin goggogee karaa irratti akka hin hafne, akkasumas: mucucaatee karaa galma isaa irraa akka hin dabne wabii isaaf ta'a.

Madaalummaa fi Hamma Murteessuu

Waamichi (Da'awaan) madaalummaa fi gita eeguu irratti bifa kanaan bu'uuramte warreen waamicha kanaaf awwaatanii fi warreen jajjabeessuuf hojjatan hunda akka keessa isaaniitti nageenyaa keessoo fi tasgabbii uunkaa ta'e qabaatan taasiste. Kana jechuunis madaalummaa, gita sammuu,

amantiiwwan, hubannoowwan miiraa fi fedhii uumamaa kanneen ibsa namummaa isaa calaqqisiisan hunda irratti ta'uun akka tasgabbiin horatu isa taasifti.

Madaalaa fi gitni olitti ibsame kun akaakuu tokkoon kan wal-guutuu fi wal-gargaaru ta'uu malee kan wal faallessuu fi karaa walitti cufu miti. Hojiin isaas kan sammuu namaatiin karoorfamee miti; amalli isaa burqa aqiidaa isaati. Kanaatu namummaa isaa kan dhugaa akka guutee mul'atu godhee ture malee; kan warshaan inni tolfatee fi meeshaaleen inni fayyadame guutamaa fi mijaa'ina isaaf argamsiisee miti.

Wantoonni madaalama Islaamaa kan booda argaman kan akka yaadaa, duudhaa, ogummaa, naamusaa, sirna hawaasummaa fi bu'uura bulchiisaa dabalate kun hundi isaa mata duree Qarooma Islaamaa jalatti ramadama.

Tokkoon tokkoo qarooma Islaamaa hafuura mata duree isaa kana jalatti makamu. Kanaaf qaroomni Islaamaa firii wal-simataa fi ofitti amanuu waan ta'eef qarooma kana horatee horachiisee jira. Nama dhugaan Rabbiitti amaneetu waan Rabbiin isaaf kenne qarooma kanaaf laatee akka qaroomni guddatee qarooma biraa hunda caalu godha.

Kanaan bakka inni boca jireenyaa isa durii fokkataa hin faarfamne, hanqataa hin guutamne, kan abbaa isa hojjate irratti ba'aa irkataa ta'ee fi abbaa isa oomisheefis salphina caaluta'ee argame. kan keessa namaatti hidhaa hir'inaa ta'ee keessaa; isaa hooqqu kan gonkumaa sirraa'ee karaa itti waliin jiraatan tokkos hin qabne, kan isa keessatti mirga guutuu argatanii jiraachuun hin danda'amnee fi kan ilaalchaa fi amantaa isaatiin wal-

faallessu, kan bara dheeraaf ilmi namaa of-irraa mulquun jireenyaa haala godhe fudhatee hordofaa ture sana isa keessaa haqee baasuudhaan hawwii jireenyaa banamaa ta'e isaaf bocee akka inni bifa haaraa ta'een jireenya haarawa fudhatee jiraatu taasisti.

Dhimmi isaa amantaa haarawa uumuu osoo hin ta'in; ilaalchaa fi hubannoo jireenyaa amantaa isaa akka hin faallessineefi. Akkasuma amantaan kan hordofamuuf akka isaan yaada fi jireenya isaanii hunda too'achuu danda'an qofaafi.

Wanta qarooma Islaamaa adda godhan keessaa nageenya dhuunfaa fi hawaasummaa wal-simsiisuu isaati. Kunis sadarkaalee hawaasa hunda wal simsiisuun badii wal-waraansaa ummata jiddutti uumamu xiqqeessuu qofa osoo hin ta'in; nageenya keessa kan tokko tokkoon dhuunfaa eeguun qarooma Islaamaa adda isa godhuu danda'ee jira. Ammas wal-waraansa yaada dhuunfaa yaaluun walitti bu'iinsa yaadaa fi fedhii wal'aanuu isaati. Kunis ofiin ofitti aaruu, llaalcha tasgabpii dhabuu fi dhama'uu irraa kan dhufuudha

Akkasumas: duula sammuu fi amantaa giddutti uumamuu dhaabsisuu, qoqqoodama hafuuraa fi wantoota qabatama qaban jiddutti dhalatu, wal-diddaa dantaa fi dirqama naamusaa jiddutti uumamu walitti araarsa.

Maalummaa Ofii Beekuun Wiirtuu Qaroomaati

Hiikkaan ol'aanaan nageenyaa fi wal-fudhannaa bu'uura Islaamaa ta'ee fi kan iccitii Qarooma Islaamaa ture bifa leenjii

dhunfaa keessatti jalqabeen miira keessaa kan namni tokko ittiin hubannoo jalqabaa horatu dammaqsuu irratti hundaa’ a.

Innis, fedhii uumamaa kan amala isaa jiddu gala godhateen wal-qabata malee waan haarawa alaa itti hin galchu; waanuma keessa isaatti kuufamaa ta’e kakaasa. Akkasuma beekumsa keessa isaatti ukkaamamee fi haguugame, uunkaa isaa irratti mul’isa. Yeroo kana karaa dabaa duraan qabsiifame sana irraa deebi’uudhaan kallattii sirrii ta’etti qajeeluu fi gara amalli isaa sochoo’utti deemuu danda’a. Akka kanatti bifa tasgabbii guutuu qabuun, dhama’uu fi jaanjawuun alatti uunkaa isaa hordofuun qaama hubannoo isa jalqabaa horachuutti ga’uu danda’a.

Kunis kan ta’u: gaafa inni uunkaa ofii isaa irratti ijaaramee miira isaa irraa fudhachuudhaan isa keessatti qubatu kana qaama hubannoon biroo hundi irratti ijaaramanii fi wiirtuu irratti naanna’amu ta’a. Akkasuma tokkoon tokkoon isaa osoo hin hafin geggeessaa fi madaqsaa ta’ee walitti makuu danda’a.

Waamichi amantaa Islaamaa inni dhuunfaa keessatti ilaalcha kana kakaasu asi olitti dubbatamee ture. Waamichi amantaa Islaamaa kan gara nama dhuunfaatti godhamu kun fedha uumamaan ilmi namaa qabu, kakaasuudhaan hanga isiin nama dhuunfaa kana keessatti jabaattee, ol-kaatee dhaabbattee deemuu bira geessutti kakaasa. Yeroo Isiin kaatee adeemsa eegalte, karaa seentee, eessa akka deemtuu fi akkam akka taatu wallaaltee dhamate gargaarsa Wahyiitii fi tumsa isiitiin haala rakkisaa ta’e kana irraa isii baraara.

Ejjanoo tarkaanfii adeemsa jalqabaa kana keessatti, akka isiin tasgabbi ejaannoo argattee gara xumuura adeemtu isitti mul'ifti. Tarkaanfiin jalqabaa tun keessa nama dhuunfaatti waan argamtuu fi qaama alaa irraa waan itti hin dhufiniif fagoo hin deemtu. Akkasuma onnee isaa keessa malee waan duraanis ta'ee duubaan isa dhaqqabee miti. Haaluma dubbatee kanaan: Wahyiin lubbuu namaa gargaarsa, tasgabbi fi qajeelchaan akka inni hin jallanne, hin kufnee fi kaayyoo irraa barbaadamuun ala hin taane waamichaan bira dhaabbata.

Kanaafuu, ilmi namaa iddoo ka'uumsa jalqabaa ofii isaatiif uummata. Ka'uumsa kanaan meeshaa ittiin of hubatu, argama isaa ittiin baru, barnootaaf qophii ta'uu isaa ittiin beekuu danda'u horata. Qaama hubannoo qindaawaa ta'e kanaanis, gara fedhii barnootaa kan uumamaa barbaaduutti fuulleffata. Kun dhugumatti fedha ilmi namaa dhalootaan qabuudha. Yoo gadi faggeessinee ilaallu waamichi amantii Islaamaa kan isa waliin wal-simatee deemu malee kan faallessuu fi duratti dhiibus ta'ee duubatti harkisuu kan hin qabneedha.

Haa ta'uu malee amantaan Islaamaa fedha baruumsaa kan inni dhalootaan qabu san akka dogoggorri, dhama'uu fi jallinni itti hin dhufne isa akeekkachiisa. Fedha dhalootaa kan barnoota isa hawwisiisu kana irraa daguu fi gufuu yoo fedha barnoota kanaa afaan dhufe laamshessee hojii irraa balleessu, ykn kallattii xiyyeeffannaa isii dabsu irraa isii ittisa.

Waamicha fedha eenyummaa kuni; dhuunfaan tokko miira isaa akka waan hubachuu qabu sirritti hubachuu danda'u

karaa qabsiisuun jalqaba. Achiin booda qaamaa miiraa mul'atoo fi dhokattoo ta'aniin ykn qaama miiraa walii galaatiin qoratee kaan irra ga'e hunda galmeessaa deema. Waamichi amantaa Islaamaa kunis adeemsa isaa huubannaa qaama miiraa kana yeroo inni walitti kuufamee, bu'aa hubannoo ta'utti jijjiiramuudhaan karoorsuu fi dhugoomsutti ce'u irra ga'uun iddoo hundatti cina dhaabbatee jajjabeessuu fi tasgabbeessuun waan duubatti isii harkisu, gufuu itti ta'uu fi kallattii irraa dabsuu danda'u irraa eegdi.

Akkasuma waamicha biraa keessatti kakaasuun sona dhaabbataa keessaa dubbifti, keessumayyuu eenyummaa isaa. As irratti Yaada jechuun sadarkaa ilaalchaa isa lammaffaa ta'uu hubachuudha. Lubbuun qaama miiraa fayyadamuun hubannoo miiraa kana irraa hiikkaa fudhatamaa, odeeffannoo haarawa duraan isa bira hin jirre gootee baafti.

Haalaa fi Amalli Uumamaa Nagaya Ta'uu

Gaafa uumaan (haalaa fi amalli) fayyaa qabaatte, gosa hubannoo miira isaa jala gale hunda wal cina hiriirsuun, hiriira kana keessaa waan inni hubannoon tokko isa kaan irraa ittiin adda ba'ee beekamuun ifatti kaa'uun gaafiilee Maaliif? Maal irratti? Akkamiin ta'a? Eessa ga'uufi? Jedhuuf; deebii tarreessa. Kan duraa fi duubaatiis tartiibaan kaa'ee tarreessuun, isa baay'atee mul'atu kan hiikkaaf galmi isaa walitti galu hunda gara tokkootti jijjiiruun hubannoo sammuu irraa ka'e kan uumamaan waliif galu hunda wal simsiisuu fi kan addaa

addummaan isaa sirriis akka addummaa isaatiin hubatamu taasisa.

Addaa addummaa uumaa fi uumamaa, garaagarummaa argama hundaa kan dirqamaa fi barbaachisaa ta'e addaan baasuu qabna. Kun hubannoon bu'uraa kan isaan uumaa fi uumamaan addaan ba'ee ifaan ifatti beekamuudha. Dirqamni amantaa Islaamaa inni jalqabaa uumaa fi uumamaa sirritti addaan baasee barsiisuun bu'aa hubannoo sammuu ilma namaati. Kun kan fedhaa fi hawwii uumamaa inni irratti uumamee irraa madde waan ta'eef takkaan hubata.

Ilmi namaa eenyummaa isaa osoo beekuu baatee, miira fedha isaa guuttachuuf isaa kenname yoo hubannoo sirrii fi fedha ofii irraa ka'uun wanta fayyadamee ittiin hubachuu baate, haalaaf amala isaa kan uumamaa kana kallattii sirrii ta'e irraa dabisee bu'aan ala godhee balleessa ture.

Yeroo kana kashlabbummaa keessatti kufee, fedhiin lubbuu isaa tokko isa kaan irraa isa fudhatee yaada tokko irraa isa kaaniin heewasamee, Sammuu fi yaadaan wal dhabuu, sammuu fi amantaan wal waraanutti, ilaalchaa fi amantaan wal waraanutti gala. Kunis uumamni isaa baduu irraa kan dhufuu fi adeemsi lubbuu namummaa isaa hir'achuu malee, waan biraa irraa kan dhufuu miti.

Yeroo inni uumama isaa kana tikfatee dabuu fi jijjiirama uumamaa irraa akka hin baane eegu kanatti tasgabpii lubbuu isaa keessatti argamsiisuu, uumama isaa fi adeemsa isaa kana aadaa godhatee hordofuu irratti isa kaasa. Inni bu'uura lubbuu

ofiitiin harkifamuun gara ol aantummaa haqaa dhaqqabuutti isa geessa. Qur'aannis akkana jechuun waa'ee kanaa ibsa:

فَأَقِمْ وَجْهَكَ لِلدِّينِ حَنِيفًا فِطْرَتَ اللَّهِ الَّتِي فَطَرَ النَّاسَ عَلَيْهَا لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ اللَّهِ

ذَٰلِكَ الدِّينُ الْقَيِّمُ وَلَٰكِن مَّا أَكْثَرُ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾ سورة الروم : 30

“(Yaa Muhammad) karaa haqaatti dabuun fuula kee diiniif sirreessi. Uumama Rabbii isii inni irratti nama uumees (qabadhaa). Uumaa Rabbii jijjiiruun hin danda'amu. Sanatu amantii qajeelaadha. Garuu irra hedduun namootaa hin beekanu”. [Suuraa Ruum: 30]

Sirna hawaa Waliin Wal Simachuu

Eenyummaan Nama dhuunfaa muslima tokkoo yoo karaa leenjii, kan kallattii waamicha Islaamaatiin isa bira ga'ee fi fudhate kana irratti dhaabbata. Lubbuu dhuunfaa kana keessatti hawwii barnoota argachuu isaa uumamaan inni qabutu keessa sosochoo'a. kana booda kaka'uumsa yaadaa waamuun wantoota argaman hunda bifaa fi akaakuu isaaniitiin addaan foo'uun, adda addummaa isaanii sirritti hubachuudhaan kallattii sochii irratti isa hiriirsa.

Akka kanaan, rakkoowwan sababoota mul'atoo ta'anii fi kanneen dhokatoo ta'anis qorachuu, akka wal-fakkii fi walitti dhiheenyaatiin tarreessuun; akkasumas kan qabeenya qabatamaa ta'ee fi hin ta'in wal-simachiisuun, kan dirqama argamaa ta'ee fi hin ta'inis wal-simachiisuu fi kan miirri hubachuu danda'uu fi hin dandeenyes wal-samachiisuun akka

wanti naannoo isaa jiran hunduu dhuunfaa tokko biratti keessa sammuu isaatti gita tokko irratti wal qabattoota fi wal-simattoota ta'an godha.

Bifa kanaan, waa yaaduun sammuu sirrii ta'een waan hoogganamuuf wanti tokko, wanti kan biroo wajjiin osoo hin dogoggorin wal hin faallessan, Akkasumas addaan kan hin citine, walis hin rukunnee fi walitti dhufeenya wal simatuudhaan akaakuun hundi wal faana hiriirani, yaada kana hojii irra oolchuu fi akaakuuleen meeshaalee kanniinii walitti qindaa'anii maqaa ykn moggaasa addunyaa jedhamtu akka argatu taasisa.

Akaakuu meeshaalee kanaa qindeessuun; maqaa Addunyaa fuguga jedhamu qabatee, haalota meeshaa akaakuu baruumsaa hedduu of keessatti hammatee adeemuun galma beekumsaa irraan akka ga'u godha.

Ilaalchi argamaa Kun wal-faallessuu mul'ataa fi elemantii isaa ilaaluun osoo hin ta'in; ilaalcha walii gala, wal simannaa fi nageenyummaa kan qaroomni Islaamaa isa biraa irraa adda ta'e waan mirkameessuufi. Bifa kanaan taanaan lubbuu musliimoota keessatti dirree kam keessattuu waaldhaansoon hubannoo akka hin uumamne taasisa. Sammuu booharte irraas kan hin fagaanneedha. Amantiitti ni tasgabbaa'a, magaalomuu irraa hin baqatu; aadaa hin diduu, safartuu/shallagduu isii osoo hin dagatin, adeemsa irratti leenjifamtee sochooti malee dandeettiin eenyummaa qorachuu keessatti hin laamshoftu.

Hubannoon hunduu kuusaa hubannoowwan adda addaa of keessatti kuufate irraa kan argamee fi sochii lubbuun irratti waliif galuun horatte irraati kan hundeeftedha. waan qaama hubannoo tokkoon arge irratti tasgabpii argachuun qaama hubannoo isa biraa onsuu fi qaama hubannoo santu irra caala jechuu balleessuu miti.

Dhugumatti yaaliin wantoota qabatamaa aadaawwan uumamaa kana kallattii karaa ittiin dhugaa amantaa irra ga'uu fi tasgabpii dhugummaa amantii irra ga'uuf isa gargaara.

Iimaanni Qajeelchaadha; xiinaluun Ragaadha

Akkuma Iimaanni bu'uura qajeelchaa karaa fi adeemsa sirrii sammuu kan inni ittiin elemantoota uumamaa kan bu'uuraa ta'een, karaa hin heeyyamamnee fi kan namaaf hin fudhatamneen osoo hin ta'in bifa heyyamamaa ta'ee fi sammun nama biratti fudhatama qabuun, sammuu irkoo amantaa dhugaatii fi ragaa isaatis ture.

Bifa kanaan lubbuu dhuunfaa keessatti ibidda wal-dhabpii kan amantaa fi sammuu gidduu, kan barnoota saayinsii fi amantaa gidduu, kan amantaa fi magaalummaa giddutti qabsiifamee ture dhaamsee akka dhuunfaan kun naannoo hawaasummaa isaa waliin nageenya akka kanaa qabaachuu fi akka namni kanaan wal fudhataa dhufu godhe.

Dhugaan bu'uuri hawaasummaa inni adda ta'e yoo argame, kan hawaasa Islaamaati. Innis nageenyummaa qabaatee, wal simannaa fi tasgabpii inni argatee tokkummaa hawaasummaa ibsa. Wal simannaa kanaanis tuutni muraasni

hiikkaa fi qaamni karaa ilaalcha Islaamaa argamsiisu; Kan isa keessatti qaamni hubannoo inni dhugaa addunyaa keessa jiruu fi aalamaan ala jiruus walitti dhiheessuudha.

Dhugaawwan ol aanoo ta’an kun jecha beekamaa ta’e “*Islaamaan amantaa fi Hojiidha ykn rabbiin gabbaruu fi sirna hawaasummaati ykn amantaa fi sammuu ykn amantaa fi beekkumsa ykn amantaa qaroomaati*” jedhu kanaatu iccitii sirriiti.

Eeyyeen, inni akkuma himame kana. Garuu maaliin akka kana ta’uu danda’e? Maaliin amantaalee biraa irraa adda ta’uu danda’e? Jalqaba irratti wanti namatti mul’atuu fi kan mul’atuu irraa hafiinsi hin jirre jiraachuu ykn argamuu qarooma Islaamaati. Islaamaan akka amantaatti ilaalamee; amantaalee biraa waliin akka amantaatti dhimma addaa keessatti amantii biraa wajjiin dhimmoota walii galaa irratti hirmaachuu qabaatullee, Islaamaan kallattiilee amantaa biraa irraa adda isa godhu hedduu qaba.

Amantaa biraa wajjiin dhimma walii galaa keessatti hirmaannaa qabaachuu wajjiin Hariiroo, aadaa fi Qarooma keessaa qooda amantaaleen biraa horachuu hin danda’in qaba. Inni nuti Qarooma Islaamaati jennu kunis isa kana ykn aadaa Islaamaati. Inni kunis akkaataa hawaasummaa fi jijjiirama wal-hordofaa ta’e kan adda addaa kana keessatti Islaamaan ka’uumsa, sababaa fi argama isiiti. Amantiin Islaamaa amantaa qofa ta’uu wajjiin akkamitti jijjiirama hawaasummaa fi sammuu kana fakkaatuu fi hanga qaroomni Qarooma isaa, aadaan aadaa isaa ta’utti ilaalame kana argamsiisuu danda’e?

Kanaafuu, akka gara jalqabaatti deebinee bifa (suuraa) sirna dabre ibsuu fi kan leenjii nama dhuunfaa eenyummaan isaa islaama ta'eef godhametti deebi'uu irraa hafiinsa hin qabu. Leenjii kanaatu akka amantaan Islaamaa abbaa Qarooma kanaa ta'u godhe jechuudha.

Sammuu Fi Hubannoon Wahyiin Waliif Galuu

Namoonni eenyummaa dhuunfaa ofii mirkaneessan dhugumatti waamicha gara amantaa Islaamaatiin godhameen argamanii turanii fi wal qunnamtii namoonni dhuunfaa kan dhagaa bu'uura hawaasummaa halluu amantichaatiin hallame. Walumaa galatti amantichi sirna tokkummaa hawaasummaa kanaa keessatti ykn amantichi sababaa tokkummaa hawaasummaa isaanii kan mirkaneesseedha. Hawaasummaan amantaan wal qabatuu fi walitti tokkoomuun ijjanooowan, sammuu fi qaroomaanis; beekumsaan walitti madaqsuu, irraa fagaachuu fi walittis fiduun argame.

Haa ta'u malee, amantaan sammuu hin argamsiifne qaroomaas hin argamsiiftu; kan baruumsa kan kennutuu miti Garuu sirni hawaasummaa kan miidhaa fi rakkoo uumamuu isaa saayintistiin maqaan isaa: “Diraaber” jedhamu (Qabsoo amantaa fi saayinsii) jechuun himeedha. Innis; akka fakkeenyaatti dhugummaa seenaa dabree akka fedha ofiitti gabaabsuu barbaadee ture. Yoo ta'es faallaa isaatu dhugaadha. Hariiroon amantaa Islaamaa, kan kallattii yaadaa fi qaroomaas akka inni ibse osoo hin taane; hariiroo cimaadha.

Akkasumas waa'ee kanaa keessatti adeemsa Sheek Muhammad Abduh¹ kan kitaaba isaa “(ilaalcha) Islaamaa fi kiristaanaa waa'ee saayinsii fi qaroomaa keessatti” Kan qaromni Islaamaa saayinsiif banaa ta'uu dubbatee, warra amanticha hordofuu fi kan biraa waliinis wal cina qabuun ijjanoo beekumsa saayinsii waliin inni qabuun wal bira qabee kan ilaalan kan ta'u osoo hin ta'in; kallattii biraatiin ilaalla.

Garuu nuti kallattii kanaan ala ta'een ilaalla. Innis qaroomni Islaama bu'uurri isaa kan dhuunfaan hawaasichaa leenjii gaarii lubbuun muslimtaa argatte irraa jalqaba.

¹- Sheek Muhammad Abduh; akka lakkoofsa hijraatti: bara 1323 irratti du'aan addunyaa kana irraa boqatan.

Innis: Muhammad Abduhu Hasan keyrullaah jedhamu; isaan maatii Turkumaanii irraahi; Muftii gandoota misraa turan; dhiira gurguddoo haarawoomsafi sirreesirraa'insa hawaasichaa irratti hirmaatan keessaa isa tokko ture; inni yuunivarsiitii Azhaar keessatti barate, suufiyyummaafi falaasfummaa keessas galeera; barsiisaa ta'uun tajaajileera, gaazeexaas barreesseera, erga umriin isaa afurtama (40) ga'ee booda Afaan Faransaayii Sirritti baratee ture.

Qabsoo warraaqsa biyyoota Arabaa keessatti geggeefame keessattis gargaarsaan hirmaateera, hidhamee, gara biyya shaamitti (sooriyaa)tti baqachiifameeras, gara biyya Faransaayii magaalaa Paariisitti imaluun barsiisaa isaa Jamaaluddiin al-Afghaani waliin gaazexaa “AI-URWATULWUSQAA” jedhamu baasaa ture. Gara Misraatti deebi'uun aangoo mana murtii argatee abbaa murtii ta'uun tajaajileera.

Barreeffama isaa keessaa inni tokko: Tafsiira Qur'aanaati (hin xumuramne malee), Risaalatu Tawhiidifi kan biraas barreesseera.

Wal-Qabachuu Saayinsii fi Iimaanaa

Saayinsiin eenuummaa uumama ilma namaa kallattiin karaa amantaa geessuu fi bu'uurra guduunfaa onnee (Aqiidaa) kan ta'e kana simatee ka'uudhaan dahoo isaa fi saayinsii amantaa gidduu jiru kan amantaa irraa isa fageessu, baqachiisuu fi dabsuu tokkos osoo hin hambisin balleessuun guduunfaa onnee (aqiidaa) fi amantaa waliin hariiroo jabaa taasifatee ture.

Walitti dhufeenyi barnoota sammootii fi amantaa, saayinsii fi barnootaa fi kan biroo walitti dhufeenya makama wal nyaatinsaa keemikaalii fakkaate argame.

Kana irraa ka'uun adeemsi gara jireenyaa fi sochii saayinsiin godhamu hunduu dhiibbaa, qajeelfama amantaa fi Aqiidaatiin sochoo'uutti seene. Kanaaf waan saayintistiin uumaa deemu keessatti, barruu barreessaa keessattii fi hojii ogeessa artii keessattis waamichi gara amantaatti nama kakaasu ifaan ifatti mul'ata.

Barnoonni saayinsii akkaataa walitti hiriirsuu barnootaa kanaan haasa'a nama dubbatuutiif, beekumsa nama baratuutii fi namoota waa'ee jiruuf jireenyaa qofaaf moo'atamuu hin barbaanne fi (suufiyyoomuu fedheefis) irkoo ta'ee gargaara.

Wal-simannaa kanaan kitaabonni guduunfaa onnee (aqiidaa) Islaamaa barnoota saayinsii, herreegaa fi namooma ilma namaas walitti qabatee dhugaa aqiidaatin wal-qabsiisee beekmsi sammootii fi kan Samiis Sammuun wahyii wal irkifatanii waliin deeman godhe.

Hawaasni Islaamaa kan amantaa biroo irraa adda ta'uun fakkeenya kan hin qabne ta'ee argamuun isaa waamicha

amantaa waliin wal-qabateeti. Amantaalee biraa waliin waa'ee aqiidaa fi sharii'aa keessatti hirmaannaa qaba. Dabalataanis bifa adda ta'een kallattii aadaa fi qarooma isa ga'een ogummaa walii galaa fudhatte; sirna hawaasummaa hunda qabaachuudhaanis; dhuunfaa kamiyyuu akka inni sadarkaa fakkii hin qabne irra ga'uu fi jijjiirama bu'uuraa kan wal-ga'aa ta'ee, aqiidaan wal-simataa fi damee amantichaa kan bu'uuraa alaa keessattis; tasgabbi waliin godhate; bifa sababaa kimiinis walitti bu'iinsi jiruuf jireenyaafi sona eenyummaa isaa keessa galuu hin dandeenyeen wal fudhatee jira.

Qaroomni Islaamaa kun hawaasa bifa adda ta'ee argame kana irraa kan dhufeedha; hawaasichi haaraan kun taliiga hubannoo horachuu keessatti sirna gocha hawaasummaa kan amantaan argames ta'ee kan amantaan alaa isa dabre irraa bifa adda ta'een kan dhufe ta'uun, Qarooma kana amantaan qarqaba, yeroo kaanis Qarooma kanaan amantaa qarqabee deema.

Achii boodas waan hubannoo lubbuu fi sammuu walitti qindeessuun bifa walii galaatiin dhama hubannoo fi argama isaa wal-simsiisuun; bifa artii ta'een barnoota saayinsii bareechee faaya bareedaa itti uffisee mul'ise. Bifa kanaan barnoonni, artiin, ogummaa fi gochi haal-duree Qarooma kanaa waamicha amantaa Islaamaatiin faaneffamte. Ragaaleen kun hunduu wal-qabachuun gariin isaanii gara gariitti dhufuun aadaa fi Qarooma kana ifaan ifatti baasan.

Akaakuun barnootaa hunduu kan ammaa fi dura dabranis elemantii aadaa Islaamaa ta'an baruumsa namoomaa, kanneen akka herreegaa, saayinsii, barnoonni Islaamaa

ogummaa fi aadaa Islaamaa walitti fiduudhaan. Akkasumas meeshaalee akaakuu adda addaa ilaalchaa fi barnoota seer-lugaas walitti fiduun kan argamedha.

Akkanatti wal-simannaan raajii ta'ee fi hariiroon gaafiiwwan adda addaa kan Falaasafama, Herreegaa fi amantaa umrii dheera qabu kana giddutti argamaa deemuun; mallattoo ifatti mul'atuudha.

Hariiroon jedhamu kunis kan Aqiidaa, Sharii'aa fi barnoota san (Falaasafama, Herreega fi barnoota Islaama jidduutti dhufetu mirkaneessa). Fakkeenyaaf hiikni (Tafsiirri) Qur'aanaa kan Imaam Fakhrud-diin Ar-Raazii fi ⁽¹⁾ kanneen

¹ - Ar-Raaziyyiin: bara (544-606) Akka lakkoofsa Hijraatti (1150-1210) dh.k.b gidduu turan. Maqaan isaanii: Muhammad Umar Hasan Huseen at-Taymiyyi Al-Bakriyyi. Jedhamu; Abbaa Abdallaah Fakhrud-diini Ar-Raaziyyiidha. Dureefi hiikaa Qur'aanaati; barnoota sammuufi walirraa fudhatamu (Aqliifi Naqlii) keessattiifi barnoota duraa hunda nama hiriyyaa hin qabne turan. Gosti isaanii Qureyshiidha; biyyi isaanii jalqabaa isaanii Xabaristaan irraa yoo ta'u; iddoon isaan itti dhalatan Rayyi jedhama! Isaanis waamaman; (ilma gorsaa biyya Rayyiis jedhamanii beekamu. gara Khawaarizmitti imalanii turan, kuraasaanis deemaniiru; iddoo Hiraat jedhamutti du'aan addunyaa kana irraa boqatan. Afaan Faaris sirritti beeku; afaan arabaafi Faarisiinis walaloo qopheessanii qabu; afaan lamaan Arabaafi Faarisiinis gorsaa turan. Barreeffama heedduu qaban isaan keessaa beekamaan: "Mafaatiihul-Gheybi) kan jedhamuudha innis: hiika Qur'aanaa kan kutaa saddeetiin dhumuufi "Ma'aalimuUsuulid-Diin"kitaaba jedhamuudha.

hiika Qur'aanaa kana keessatti adeemsa isaa hordofanis kanuma ifaan ifatti mul'isa.

Aadaan Islaamaa dhama barnoota dubbatame kamiyyuu keessaa osoo hin ta'in, makaa dhama kanaa irraas kan ijaaramees miti. Garuu dameelee kana hunda walitti hammattee tokkoomsee kan karaa leenjii dhuunfaa fi lubbuu muslimaa halluu ofiitiin bareeche irraa kan dhufedha.

Leenjii kanaan barnoota kana fudhatee, muraasa isaa gariin walitti madaqsee, uunkaa inni ittiin adda ta'u kanaas isaan tokkoomse kan baasu ta'a.

Qarooma Islaamaa kana xiinxaluuf dhaabbannee gara Jaami'al-Umawii isa Damaaskoo deebinuus, dhiisnuus, gara Gamoo Diimaa isa Garanaadaa, ykn gara Jannata Shaaliimaar isa Laahoorii keessa jirutti yaadaan imallus; akkasuma sababaa isaanii baruuf kitaaba Imaamu Al-Ghazaalii⁽¹⁾, ykn gara kitaaba Ibni Rushdii⁽²⁾, ykn gara kitaaba Shaaxibii⁽¹⁾, ykn gara kitaaba

1- Al-Gazaaliyyi, (450-505)H jiraate!

Maqaan isaa: Muhammad bin Muhammad bin Muhammad Abu Haamid Al-Gazaaliidha. Gazzaal jechuun himama waan abbaan isaa Gazzaala ta'eefi. 'Gazaalah's ni jedhama magaalota Xuus keessatti argamtuu ta'uunis ni himama. Beekaa shaafi'iyyii, Suufiyyii, beekaa ogummaa usuulaa fi Kalaamaati (seerota bu'uuraa fi dubbii). Gara biyyoota Baagdaad, Hijaz, Misraafi Shaamis imaleera. Kitaabota inni qopheesse keessaa: "Al-Basiix, Al-Wasiix, Al-Wajiizii fi Khulaasaadha" hunduu fiqhii keessatti barreessan. "Tahaafutul-Falaasifaa fi Ihyaa'u Uluumiddiin".

2- Ibnu Rushdi; (520-595H) jiraate.

Ibnil-Qayyim ⁽²⁾ deemnus; yookaan uunkaa isaa kana irrattii kitaaba Jaahiz ⁽¹⁾ keessatti argamu dhandhamuun, ykn walaloo

Maqaan isaa: Muhammad bin Ahmad bin Muhammad bin Rushdi beekaa Fiqhii Maalikiyyaa, falaasamaafi ogeessa fayyaati; inni warra biyya Andalus, magaalaa Qurxubaati! Yechoota Aristootil itti yaadee gara Arabiffaatti jijjiiree ture. Inni: kitaabban: “Faslul maqaal fiimaa beynal-Hikmati wash-sharii’ati minal ittisaal”, waa’ee filoosoofii irratti “Tahaafutu –Attahaafut”, fayyaa keessatti “Al-Kulliyyaat” fiqhii keessatti “Bidaayatul-Mujtahid wanihaayatul muqtasid” fi “Risaalatunfii harakatil-Falaki” jedhaman baressee ture.

1- Ash-Shaaxibiyyi; (790H) irratti du’aan boqate!

Maqaan isaa: Ibraahiim bin Muusaa bin Muhammad Abuu Is-Haaq Al-Lakhmiyyi, warra Andalus (span) magaalaa Garnaaxaati Shaaxibiyyi jedhamee beekama! Inni beektota mazhaba maalikiyyaati; qulqulleessaa, bu’ursaa, beekaafi hiikaa kan beekuudha. Kitaaboo isaa keessaa “Al-Muwaafaqaat fii usuulish-Sharii’ah”, “Al-I’tisaamifi Al-Majlis” kan kitaaba bittaa gurgutaa kan sahiha bukhaar ittiin hiike kanafaa qaba.

2- Ibnul-Qayyim Al-Jawziyyah: (691-751H) jiraate.

Maqaanisaanii: Shamsud-DiinAbuuAbdillaah Muhammad bin Bakri bin Ayyuubi. Inni warraSa’adAz-Za’ariiti; biyyaanisDimashqa! Beekaafiqhiitifi hordofaaMazhagaHanbaliyyaati. Inni Sheek Taqiyyaddiin bin Taymiyaah abate irratti barataa waliin ture. Nama haalaan Ibaadaa jabeessuu fi Halkaniis (Tahajjuda) salaatutture. Akkasumas Tafsiira, Usuuluddiinii fi dhodhokataa murtoolee Qur’aanaa fi Hadiisa keessaa cuunfuu irratti dandeettii guddaa qaban; Sheeka Islaamaa Ibnu Taymiyaa wajjiin rakkifamee, dhiphatee, hidhameesture;

HangaSheekhniisaaIbnuTaymiyyaandu’aanboqatanittihidhaakeessaa

Showqii ⁽²⁾ irraa qorannus; wanti nuti arguu dandeenyu ragaaleen kun hunduu tokkoon isaayyuu aadaa Islaammaa akka hin ta'in argina.

hinbaafamneture. Barreefama inni hanbise keessaa: “Tahziibu Sunani Abii Daawuud”, “Xariiqul-Hijrateyni”, “Al-Kalimux-Xayyib”, “Zaadal-Ma’aad” qabee afuriin; “Naqdal-Manquul”, “Ilaamul-Muwaqqi’iina an Rabbil-Aalamiin” qabee sadihiifikanneen biros barreesseejira.

1- Al-Jaahiz; (163-255)H/ 780-869A.L.A jiraate!

Maqaanisaa: Amri bin Bahri bin Mahbuub maxxanfatamaa gosa Kinaanaa; Leysiyyii jedhama; Abuu Usmaan, Jaahiz jedhamuun beekama. manguddoo imaamota aartii afaan araba turan! Amma sinni garee Mu’utazilaa keessaaitti gaafatamaa warra Jaahiziyyaa jedhamaniiti! Iddoon itti dhalateefi itti du’ees Biyya Basraati. Umrii isaa garadhumaa irratti dhukkuba laamshessuun qabamee laamsha’eture.

Gaafadu’uus jildiileen kitaabaa hedduun qoma isaa irratti kufuun sababaa du’a isaata’e. kitaaba innibarreesse hedduu keessaa: “Masaa’ilu Al-Qur’aan”, “Al-Bayaanu wat-Tabyiinifih”, “Al-Hayawaan” kaneenjehamiidha.

2- Ahmad Showqii (1285-1351H/ (1868-1932) A.L.A.ture.

Maqaanisaa: Abhmad Al-showqii bin Aliyyi bin Ahmad Showqiiti. MootiiWeellistootaajedhameetikanbeekamu; inniMagaalaa Kaayroo keessattidhalatee achumatti du’e. Hundeen isaagosaKurdii, Arabaa timaatiimootii Misraa irraa dhalatee achumatti guddate! BiyyaQaahiraafi Faransaayiikeessattiwaa’eemirgootaa (Huquuqaa) barateeture.

Akkasumas: artiiwwan isaanii keessattis hammatamuu hin danda'an. Aadaawwan Islaamaa kunis waan calanqisiisa isaanii kanaan dhufee miti. Garuu sochii lubbuu dhuunfaa hunda keessatti argamuudhaan dhimmoota dubbataman hunda tokkoomsuun hawaasummaa Islaamaa keessatti bifa hawaasichi ittiin dhama hawaa kanaa tajaajilaaf oolche kana calanqisiisuuf ijaarsaa fi ragaa aadaa ta'uun dhufe malee sababaan lubbuu ilama namaa irraa dhufee fi hirmaannaan dhuunfaa walitti dhufee kanaan mallattooleen magaalomaa hin dhufne. Garuu bifa hubannoo kana halluun kennama dhuunfaas leenjiin guddisuun gumaata waamichi amantaa Islaamaa dhuunfaa muslimaatiif laatameedha.

Qaroomni adeemsa boca Dhuunfaa

Uunkaa dhuunfaa isaa irraa namni tokko hubannoo mataa ofiitiin argateen gargaarama. Uunka uumama isaa kanaan hariiroo hawaasummaatiin wal-qunnamuun hirmaatan; hubannoon isaan argatan kun walitti dhihaachuu wajjiin hubannoo dhuunfaa kanaan wal fakkaata.

Mana galmee mooticha **Khadyawii Abbaas Hilmii** jedhamu keessatti; ittigaafatamaa barruu Faransaayii ta'uun tajaajileeture. Miseensa manguddoota biyyattiis ta'ee ture; gosoota walaloo heddu yaalii godhee irrattis hojjatee ture. Akkasumas nama yeroo jalqabaatif walaloowwan Afaan Arabaa gara (bifadiraamaatin) fakkeessuutti geeddare ta'uun ilaalama! Wanti inni dhiisee deeme guddaan barruu isaa kan inni qabee afur keessatti galmeeesse "**Showqiyyaat**" jedhameekanbeekamudha.

Eenyummaan hawaasummaa kan uunkaa dhuunfaa walitti dhiheenya qabu kana irraa argameen hawaasichi kun ilaalchaa fi yaaliinis hawaa keessatti uunkaa hawaasummaan dhalate kan walitti dhufiinsa uunkalee dhuunfaa irraa argatan kanaan tajaajila kennuu danda'eera.

Asirraa ka'uun elemantiiwwan beekumsaa kan aadaawwaan Islaamaa irraa argame kanaan elemantii isa tokko tokko simachuu fi garii isaas gariin walitti fiduun akka qabatama kana of keessattii fi sirna madaqsa walii galaa kan wal-simannaa irraa argameen guutame ta'eera.

Aadaawwan walitti dhufeenya elemantiilee, walitti madaquu, kaa'umsaa fi karaa ka'umsa irraa fudhatanitti kan geessu yoo ta'u; bu'uurri elemantii kana walitti fiduu mijeesse, walitti hiriirsuu, wal simsiisuu ka'umsa kan adda ta'e kana kennuu fi daandii hawaasichaa bifa kanaan achiin ga'e qopheessa. Wanti nageenya, wal simannaa fi tasgabpii fiduu danda'e kun bifa leenjii dhuunfaan muslimaa tokko yoo argatee fi eenyummaa mataa ofii yoo godhateedha.

Jalqaba waamicha amantaa Islaamaa isa Makkaa kabajamtuu taate keessatti eegale irraa kaasee argamiinsi dhuunfaa Muslimaa argamiinsa sirrii ture; Sana booda yeroo dhuunfaan Muslimaa gara Madiinaatti Godaanetti wal qunnamtii walitti isaan dhiheessee fi walittis isaan madaqseetu argame. akka kanaan hawaasni Islaamaa eegale.

Hawaasichi kunis yeroo jalqabaaf walitti dhufu kana muuxxannoos ta'ee Qarooma hin qabu. Achii booda amantaan isaanii kun gara sammuu fi sammun ala ta'eenis akka barnoota

argataniif walitti isaan madaqsee, balbala barnootaa isaaniif banuudhaan isaan haara’oomsuun aadaaf karaa kana isaaniif bane; kanaanis bareeduma waaraa ta’e mul’ata

Osoo argamiinsi dhuunfaa inni Makkaatti isaan leenjisee fi hawaasummaan Madiinaa kan walitti isaan madaqse kun hin jiraannee; Qaroomni Magaalaa Damaaskoo (Dimashqaa), Baagdaa, Qeyrawaan, Qurxubaa fi Samarqandaa hin argamu ture.

Yeroo ammaa kana bifti akka warqee bareeddu inni durii deebi’uu warri barbaadan magaalota muumme kanneen keessatti deebisanii ijaaroo fi haaroomsuu fedhan, gara bu’uura duraanii kan sababaa isaatiin magaalonna kun ittiin dagaagu danda’an sanitti of duuba achi deebi’uu isaan barbaachisa. Innis leenjii, guddisa ijoollee sirrii fi Islaamaa isa jalqabaa sani qayyabachuun hedduu barbaachisaadha. Haalli kun hawaasa osoo hin hundeessin dura namoota dhuunfaa hundeessie argama. karaa aadaa isaaniif mijeessa, Kunis kan barnoota hawaasummaa argama isaanii kan walitti qabdeen dura kan isaan argataniidha.

Leenjii Islaamaa kan nama dhuunfaa sammuu, lubbuu, naamuusaa fi adeemsa isaas tolche kanatu sababa bu’uuraa kan isa irraa qaroomni dhalate kanaa fi hawaasa nama isa fakkaatu hin qabne kanaas argamsiisuu danda’ee jira. Leenjiin Islaamaa kuni karaa aadaa isaaniif mijeessie galteewwan beekumsa fayyadamuun ijaarsa hawaasaa akka cimu taasisa.

Qaroomni Islaamaas hawaasa wal-qabatee tokkoome kana irratti dhaabbate. Aadaan Islaamaas daraaraa fireessu

kanaan ifatti mul'achuun isii dameewwan beekumsaa wal-simataa ta'e kana irraatti marguudhaani.

Yeroo ammaa kana garuu qaroomni Islaamaa kun kottoonfachuu, of duubatti deebi'uu, qaawwa qaawa godhachuu, aadaan Islaamaas maramuu, suntuuruu, daalachooftee gara gogiinsaa garagaluu ishee hin morminus. Rakkoon qaroomaa fi aadaa Islaamaa mudate kun waan kaleessaa fi dheengadda dhalate osoo hin ta'in dhukkuba jaarraawwan boodaa kana keessa nutti goobee, ulfaatee fi wal'aansi isaas akka malee jabaateedha. Akkuma kanaanis guddachuu, jabaachuu fi laalaan isaatii fi gaaga'amni inni fidu rakkisaa ta'uu hin dhiifne.

Haala nama rifachiisaa fi dadhabina qarooma Islaamaa jaarraa keenya kana irra jiru; kan himannaa namootaatiin guutame irra gahee jira. Yeroo dhukkubni salphaa ta'e irraa jalqabee hanga booddeen isaa miidhaa ulfaataan kun ga'u jidduu warri harka nagaa fi qulqulluu ta'een ishee yaaluuf harka laateef hedduudha. Kanneen iddoo dhukkubni jiruu fi hamma dhukkubichi ga'u shallaganii kan beekanis ni jiru; warri kun dhibee kana wal'aanuun isaanii ni mala, ykn hir'ina eenyummaa isaa kana tolchuun jajjabaatanii yoo irratti hin hojjatin gaabbii hadhaa fi dhukkuba dhokataa kana keessa tura. Garuu yaalii wal-dhaansaa fi jijjirama dhukkuba kana yaaluuf godhame abdiif fi gammachuu hedduun irraa hin mul'atu.

Iddoo Hir'inni Jiru

Inni kabajamaan nu jalaa dhukkubsate kun Islaamaa miti. Kan dhukkubsate kun aadaa fi Qarooma Islaamaati malee. Islaamni fayyaa guutuu qaba. Garuu jarri lamaan Islaama kanaan argamanii fi isaan guddatan aadaa fi Qaroomni kun akka malee dhukkubsataniiru. Dhibeen isaan lamaanii kunis hiriyaaif jaalallee hundaatti dhukkuba ta'eera. Eeyyeen dhugumaan qaroomni Islaamaa kun dhukkubsataa jira, aadaan Islaamaas rakkatee boo'aa jira.

Yeroo boo'anii fi dhukkubsatan kana hawwiin isaanii kan dawaa irraa argachuuf abdatan Islaama waan ta'eef garasitti hawwatamanii jiran. Akkuma kana firaa fi alagaan balaan hawaasa muslimaatti bu'e kan kufaatii fi rakkoo Qarooma, akkasuma aadaa Islaamaa kan iddoon irraa ka'e kun bu'uura Islaamaa mataan isaa kallattii irraa dabuu, fuula itti deemuu qabu irraa faallaa deebi'uu fi meeshaa duraan ittiin guddate (leenjii bu'uura) kan guddisa jalqabaa waliin wal qabatu kana dhiisuu malee waan biraa irraa akka hin dhufin sirritti hubatanii jiran.

Bara sahaabonni yeroo badii kamiyyuu ijaan argan falmanii fi balleessan malee bira hin dabarre, kan Abuu Is-Haaq Ash-Shaaxibiin kitaaba isaa *al-I'I tisaam* jedhamu keessatti hime irraa eegalee hanga imaamman rakkoo dadhabbina Islaamaa himatanii fi akka badiin beekamee gaariin wallaalame himan ga'utti; akkasumas Uweys Al-Qarnii¹, Sarrii As-

¹- Uweys Al-Qarnii (37)H/ (657) irratti du'aan boqate.

Saqaxii¹, Abil-Qaasim Al-Juneydii² fi fakkaatota isaanii kanneen Qusheriin¹ (Abdul-Kariim Hawaazin) ergaa isaa

Maqaan guutuun: Uwaysi bin Aamiri bin Jaz'i bin Maalik Al-Qarniyyi; asliin isaa Qurushiidha! Inni Bani Qarni bin Radmaan bin Naajiyah bin Miraa'i; warra kabajamoo Taabi'ootaa keessaa warra jalqabaa kanneen haalaan rabbiin gabbaruun beekaman gidduu isa tokko ture.

Asliin jireenya isaa Yaman keessaa bakka Qafraa cirrachaati. Inni jireenya nabiiyyii (S.A.W) dhaqqabeera garu qaamaan qunnamee arguu hin dandeenye malee! Umar bin Al-Khaxxaab bira dhufee isaan daaw'atee ture booda irratti biyya Iraaq keessa magaalaa Kuufaa Qubatee achi jiraataa ture! Bara waraana Suufiyaan Aliyyi bin Abiixaalib wajjiin waraana irratti hirmaatee ture; warri hedduun akka inni waraana keessatti waregame cimsanii himuu turan.

1- Sirri As-Saqaxiyyi (253) H / (867) A.L.A du'aan boqatan.

Maqaan isaanii: Sirri As-Saqaxiyyi bin Al-Maghlas As-Saqaxiyyi; Abaa Hasan jedhamu. Gurguddoo Suufiyyootaa keessaa isaan tokko; isaan biyya Iraaq magaalaa Baagdaad keessatti dhalatani achumatti du'aan boqatan. Isaan nama yeroo jalqabaatiif Baagdaad keessatti waa'ee tokkummaa Rabbii dubbateefi waa'ee suufiyyootaas ibse turan. Isaan biyya Baagdaad kanaaf dureefi barsiisaa isaanii turan. Jechoota isaanii keessaa: *"Namni lubbuu ofii naamuusa itti godhuu hin danda'in nama biraa adaba barsiisuu irratti daran dadhabaa ta'a"*. Isaan Eessumaafi barsiisaa Sheek Juneydi turan.

2- Abul-Qaasim Al-Juneydiyyi; (297) H/ (910) A.L.A du'aan addunyaa kana irraa boqatan. Maqaan isaanii: Al-Juneydi bin Muhammad bin Al-Juneydiyyi Al-Baagdaadiyyi Al-Khazzaaz jedhamu; isaan beekaa Suufiyyaa keessaa tokko, kan dhalataniifi du'anis achuma magaalaa Baagdaad keessatti. Hundeen abbaa isaanii biyya **Nahaawanda**

keessatti waa'ee isaanii dubbatee bara isaaniitiif hawwu himuu hanga ga'uttii fi walaloon fageenya isaan kanaa fi haala warra isaan boodaa gidduu jiru akkana jedhee himutti:

“Gandoonni isaanii kan durii irraa adda ta’uu baatus, dubartoonni ganda kanaa (gosa) isaan durii sanii miti” hanga Imaamul Ghazaaliin dhufanii barumsi amantaa Baduu fi du’uu labsuudhaan gara jiraachisuutti tarkaanfatanitti; Imaamu Xarxuushiinis ²waan dur hin turree (Bidi’aa) dura dhaabbatanii

jedhamu ture; isaan Qawaariirs jedhamii ni beekamu! Qaruuraa hojjaachaa waan turaniifi. Akkasumas Al-Khazzaaz jedhamaniis beekamu Khazziis waan hojjataniif. Isaan jalqaba nama barnoota Tawhiidaa Baagdaad kessatti barsiiseeti; ulamaa’onni abbaa suufiyyootaa jedhanii waamu waan isaan yeroo jalqabaatiif adeemsa isaanii Qur’aanaafi Hadiisaan too’atamuu akka qabaatu murteessaniif jecha, Isaan akkana jedhan: *“Karaan (Xarooqaan) Keenya Qur’aanaafi Hadiisaan too’atama! Namani Qur’aana hiin haffazin, kan Hadiisa hin barreessiniifi hubannoo amantaa islaamaa hin qabne itti hiin hidhatamu”*.

¹- Al-Qusheyriyyi (376-465)H/ (986-1072)A.L.A.

Maqaan isaanii: AbdalKariim bin Hawaazin bin Abdallaah bin Xalhata bin An-Neysaabuuriyyi; Al-Qursheyrii; Banii Qusheyri bin Ka’ab irraahi! Abul Qaasim Zenul Islaaam jedhamu. Isaan biyya Khuraasan keessatti barsiisaa yeroo isaanii turan; Aalima duniyyaaf g akka guddaa hin kennine (Zaahida) turan! Qubsuma, jireenyaafi duuti isaaniis achuma ture. Faana isaan irraa hafe keessaa: **“At-Taysiir fittafsiir”**, **“At-Tafsiirul-Kabiir”** fi **Risaalatul Qusheyriyyah”** dha.

²- Ax-Xarxuushiyyi; (451-520)H/ i (1059-1126) A.L.A.

amantaa irraa adda baasanii irraa qulqulleessuu irratti hojjachaa turuun. Ammas Qaadiin Abuu Bakri Ibni Arabiinis ⁽¹⁾ balleessitu irraa dandamachiisuu ijaaruu ture.

Maqaan isaa: Muhammad bin Waliid bin Muhammad bin Khalaf Al-Qurashiyyi, Al-Fihriyyi, Al-Andalusiyyi! Abuu Bakri; Ibnu Abii Randaqatas ni jedhama. Barreessaa, beekaa haafiza warra Maalikiyyaa irraahi. Warra ganda Xarxuush baha biyya Andalus (Ispeen) biyya isaa keessatti baratee ture. (476)H irratti gara bahaa imalee, Hajjii godhee achumaan biyyoota Iraaq, Misra, Falasxiinifi Libaanoos daaw'atee ture; yeroo muraasaaf biyya Shaam (Sooriyaa) taa'ee ture. Booda irratti biyya Misraa magaalaa Iskandariyya qubatee achitti du'aan boqatee ture.

Kitaaba guddaa Ihyaa'u Uluumuddiin kan ghazaalii ittiin morme tokko qaba ture; akkasumas kitaaba "*Mukhtasara Tafsiira As-Sa'alaabiyyii*" fi "*Siraajul-Muluuk*" qaba.

¹⁻ Abuu Bakr bin Al-Arabiyyi; (468-543)H/ (1076-1148) A.L.A.

Maqaan isaa Muhammad bin Abdallaah bin Muhammad Al-Mu'aafiriyyi, Al-Ishbiiliyyi, hordofaa Mazhaba Maalikiyyaati; Abuu Bakri bin Al-Arabiyyi; abbaa murtii ture; Haafizoota Hadiisaa irraahi. Ishbiiliyyaa keessatti dhalate; gara biyya bahaa imalee, barruudhaan caalaa namaa ta'e. barnoota Hadiisaa keessatti sadarkaa Ijtihaadaa irra ga'eera jedhama! Kitaabota heddu barreesse: Hadiisa, Fiqhii, Usuula, Tafsiira, ogbarruufi Seenas barreessee ture. Biyya ishbiiliyyaah keessatti abbaa murtii ta'anii tajaajilan, Faas bakka jedhamutti du'aan boqate achumattis awwaalame.

Waa'ee isaa ilaalchisee "Ibnu Bashkawaal) akkana jedhe: "Inni xumura ulamaa'ii biyya Andalus (Ispeen), haafizootaa fi imaamman biyya sanii irraa kan boodaa isa. Bebbeekamoo kitaabban isaa

Imaamu Ash-Shaaxibiinis dur-hin turree kana irratti tarkaanfii fudhatanii Qur'aana fi Hadiisa hordofuutti waamaa turaniiru; amantaa sirrii ta'e irratti jabaachuun yeroo keessummoamaa kana keessatti ittiin boo'aran godhatan.

Gara dhuma jaarraa kudha lammaffaa irratti warraaqsi guddaan Ibni Teymiyyaa ⁽¹⁾ fi hiriyoota isaanii fidan bira hanga ga'utti fi faana guddaa diriirfamaa ta'een sochii warra

keessaa: "Al-Awaasim minal Qawaasim" kutaa lamaan, "Ahkaamul-Qur'aan" kutaa lamaan, "Aaridatul-Ahwazii fii Sharhut-Tirmiziyyi" "Al-Insaaf fii masaa'ilil khilaaf" jildii digdamaan; "Al-Mhasuul fii usuulil-Fiqhi", Qaanuunu At-Ta'awiil" Juuza lamaan kan dhumuudha. Inni kun: Muhiyyud-Diin Ibnu Arabiyyi kan suufiyyiifi falaasamaa sanii miti.

1- Ibnu Taymiyyaan lakkoofsa Hijraa bara dhibba jahaafi jahaatamiifi tokko irraa hanga dhibba torbaafi digdamiifi sadeeti (661-728) ture. Maqaan isaa: Ahmad Abdul-Haliim Abdussalaam Ibnu Taymiyyaah; jedhama; warra biyya Dimashqaa warra ganda Harraan jedhama. Taqiiyyu Ddiin Sheekhul- Islaam jedhamee beekama. Iddoon dhalootaa Harraani. abbaan isaa fudhatee dimashqattiin gale. ichittis haalaan baratee beekamee ture; biyya Misraa keessatti sababa fatwaa godhuu isaatiin yeroo lama hidhamee ture. Booda irratti mana hidhaa biyya Dimashqaa keessatti du'aan addunyaa kana irraa boqate. Inni dabballee amantaa sirreessuuf socho'u ture; hiika qur'aanaa, waa'ee Aqiidaatii fi Usuulaa (bu'uura fuqhi) keessatti urjii ture. Barreefama isaa hedduu keessaa gariin: "siyaasaush-Shar'iyyah" Minhaajus-Sunnati Nabawiyyah" Dar'u Ta'aarudil-Aqli wan-Naqli" fi kan biraas qaba. Fataawaan jildii soddamiifi shaniin hojjatame. (yeroo ammaas jildii kudha sagal (19) gurguddaadha.

wahaabiyyaa jedhamanii beekanii fi sochiin warra *Salafiyyaa* jedhamaniis kan bahaa fi dhiha hanga ga’utti tatamsa’ee fi achii boodas sochii waamicha sirreessa hawaasummaa (*sochii warraqsa*) jedhamu kan Obbo Jamaalad-diin Al-Afghaanii ⁽¹⁾ jedhamuun hoogganamaa turee fi kan faajjiin (asxaa) isaa keeyyata Qur’aanaa: kana ta’eetu argame.

Rabbiin akkana jedhe:

إِنَّ اللَّهَ لَا يَغَيِّرُ مَا يَفْعَلُ حَتَّىٰ يُغَيِّرُوا مَا بِأَنْفُسِهِمْ وَإِذَا أَرَادَ اللَّهُ بِقَوْمٍ سُوءًا فَلَا مَرَدَ لَهُ وَمَا لَهُمْ مِنْ

دُونِهِ مِنْ وَاٰلِ ﴿١١﴾ سُورَةُ الرَّعْدِ: 11

¹ -Jamaalud-Diin Afghaanii: Bara [:125-1315]H/ [1838-1897 A.L.A]. Maqaan isaaniis: Muhammad bin Safdar Al-Huseynii; iddoon dhaloota isaanii Afghaanistaan keessaa magaalaa *As-Ad Aabaad* jedhamuudha. Magaalaa guddittii Afghaanistaan Kaabul jedhamu keessatti guddatan; barnoota herreegaa baratan; sana booda gara Hindiitti imalan; achii boodas gara Asitaanaatti imalan, sana boodaas gara biyya Misraatti fuulleffatanii turan; achittis sochii ka’uumsa islaamaa keessatti hafuura (Ruuhii) godhuun amantaafi siyaasaas dagaagsaa turan; booda irrattis mootummaan yeroo sanii biyya Misraa irraa isaan ari’e. Isaanisyyeroo kana garamagaalaa Heydar Aabaad jedhamutti imalanii turan; sana boodas gara magaalaa muummitti Faransaayii Paariisitti imalan. Yeroo achi turan keessa Gaazeexaa *“Urwatul-Wusqaa”* jedhamu baasuu eegalan.

Itaabota isaan qopheessan keessaa: *“Seenaa Afghaanistaan”* jedhamu, deebisaa warra *“Dahriyyoota’* jedhaman irratti deebiifi kanneen biraas qabu.

“Dhugumatti Rabbiin waan uummata bira jiru hanga isaan waan isaan bira jiru jijjiiranitti isaan irraa hin jijjiiru”¹. [SuuraaRa‘ad: 11].

Yeroo kana Muhammad Abduh Muslimoonni haala amma irra jiran kanaan Islaammaaf ragaa ta’uun isaanii akka hin barbaachifnee, garuu Islaammni garuu Muslimoota kana irratti ragaa ba’uun barbaachisaa akka ta’u ifaan ifatti ibsanii jiru.

Warreen kunii fi warri biraa hedduunis Islaamummaan dhama guutuun fayyaa qabaachuu fi rakkoon tokkos akka itti hin bu’inii fi hin dhukkubsatinis ni amanu. Hundi isaaniituu garuu akka dhaabbata Qarooma fi aadaa Islaamummaan hawaasa kana keessatti dhaabee fi uume kun akka dhukkubsatee, eenyummaan isaa raafamee akka miidhame ni himu.

Sababni isaas Islaamummaan madda sirrii kallattiin tajaajila irraa argachaa ture Islaama irraa fagaachuu irkoo fi utubaa jabaa kana waliin hariira dhugaa kana dhabuun dhaabbachuu dadhabuu fi tasgabpii dhabuun raafamaa jiraachuu isaa irratti waliif ni galu (wal mormii hin qaban).

Waliif galtee kana fakkaatu qabaachuu wajjiin garuu rakkoon eessaan akka dhufe yeroo tarreessan waliif galuu irraa baay’ee fagaatanii argamu. Isaan keessaa: warra rakkoon kan dhuunfaati malee hawaasicha, Qarooma fi aadaa hin ilaallatu jedhantu jiru; isaanis suufiyyoota. Durii kaasee hanga ammaatti

¹- Hiika Qur’aana kabajamaa fuula (368) irraa fudhatame.

kanuma jedhu. Warri yaada sammuutti deebisuus ni jiru; isaanis Imaamul-Ghazaalii fi Ibnul-Arabiifaadha.

Warri gariin badii adeemsa hawaasaatii fi burqa amantaa isa sirrii irraa fagaachuutti kan deebisaniidha. Isaanis; Ibnu Taymiyyaa fi warra Salafa ta'an hundaatu kana yaada.

Warreen akka Xarxuushii fi Shaaxibiis badiin seera hojii irra oolchuu dhabuu irraa kan dhufe jedhanii amanaa turan. Warri biraas rakkoon adeemsa siyaasaa hawaasaa irraa akka dhufe amanu. Kanaaf, isaanis furmaanni adeemsa sirna siyaasaa sirreessuu gaafata jedhu. Warri kun Jamaalud-Diin Al-Afgaanii faadha.

Walumaa galatti, hundi isaanii waan furmaata isaanitti fakkaate hojjatanii rakkina kana yaaluu irraa osoo duubatti hin deebine ijibbaata godhanii jiru. Garuu yaaliwwanii fi aadaaleen kunniin hunduu furmaata bu'a qabeessa fidee rakkoo kana furee dabaa fi hir'ina irraa balleessee dhimmichi akka bu'uura duraa irratti deebi'u godhuu hin dandeenye. Kanaaf dhaloota ammaa irraa wanti eeggamu; rakkinichi bakkuma isaa waan jiruuf dirreen qorannoo haarawaa yaaliiwwan dabre kana hunda ilaaluun furmaata barbaaduudha.

Achumaan Salafiyyaan bu'uramtee humni isiis jabaatee, wal-qabatee wal-wajjiin ta'uun ka'anii sochii itti fufan; yaanni haaroomsa barnoota bu'uura godhate jabaatee gara jaarraa sagalii walitti dhaabbatee deeme; hanga yeroon Imaamul-Ghazaalii fi Mahammad Abduhu irra ga'utti. Yeroo kana sirna barnootaa kallattiin bulchiinsaa fi babal'ina warshaale fi kkf biyyoota dhihaa irraa akka aadaatti fudhataniiiru. Yeroo kana

wantoonni biyyoota Islaamaa keessatti argaman hundi biyya irraa gara biyyatti wal-dhabus biyyota dhihaa irraa kan dhufeedha. Kunis akka isaan qarooma isaanii irraa fagaatan taasisee jira.

Ka'uumsa ilaalchaa kana keessatti bu'aan jiru kan seera bilisa ta'e qabaachuu, siyaasaan bilisa ta'uun mul'atus; rakkoon inni bu'uura kan jaarraa heddu irra ture waan furmaata hin argatiniif bu'aan kun jijjiirama tokkos isaaf hin finne. Bakka furmaataa rakkoon bu'e fakkaata hamma furmaataaf dhihaate caalaa irraa fagaachuu isaatu ifatti mul'ata.

Addunyaa Islaamaa keessatti namani yaada haaromsa qabu hundinuu akka waan hin baratamne (bid'aa) kan Xarxuushii fi Shaaxibiin dura dhaabbachaa turan guutuun isaa, ykn garri guddaan isaa biyya Islaamaa irraa osoo hin citinii fi hin badin jiran ni beeka. Kuni Muslimootaaf amantaa jabeeffachuu ykn gara toltuutti (keeyriitti) dhiheenya dabaleeraa?

Namni hubannoo qabu akka Muslimoonni barnootaa fi aadaa barnoota dhihaa irraa xinnoos osoo waa itti hin dabalin akkuma jirutti fudhatan kun badii hamaa (fokkataa) ta'ee fi waan hin baratamne (bid'aa) amantii irraa isaan fageesse akka isaanitti fide hin shakku.

Akkuma (bid'aa) dura dhaabbatan sanitti maaliif adeemsa gara Awroppaa irraa isaanitti dhufe kanaas dura dhaabbachuu dhiiftanii? Dhiibbaan amantaan Islaamaa yakka balleessuuf godhuu fi dur-hin-turree irraa isaan fageesse ta'uun beekamu dhugaadhaa mitii? Kanaatu akka rakkoo fi miidhaan

ulfaataan hawaasa Muslimaa mudatee fi isaan keessatti tatamsa'e mul'isa. kan namoonni hedduun nama dubbii kana duuba jiruu fi dhimma nama dhuunfaa fi hawaasaa walitti hidhu laalanii hedduu aja'ibsiifatan. Akkasumas hariiroo hawaasaa fi dhuunfaa jidduu kana amantiin Islaamaa bifa adda ta'een ittiin hawaasa walitti hiite kanas ajaa'ibsiifatanii turan.

Ammas hawaasa Islaamaa kana sirreessuuf jedhanii yeroo garii amantaa Islaamaa kana irraa fudhachaa, yeroo gariis beekumsa Awroppaa irraa liqeeffatanii (ergifatani) isaanitti dhufe kana fuudhanii ofiin wayyeessuuf jedhanii akka amantaan Islaamaa baradhaa jedhu dubbachaa ittiin hawaasa tolfachuuf yaalii godhaa turan. Kana hunda yeroo godhan kanatti kallattii sirrii kan hariiroo hawaasummaa Islaamaa walitti hidhee ture kan leenjii dhuunfaa jechuun moggaafne kana ni dhiisan.

Maaliif yeroo tokko dubbii dhugaa namoota dhuunfaa fi jireenya hawaasaa walitti hiite kana muldhisuu dhaban. Kun akka sochiiwwan adda addaa kan kallattii amantaan ala ta'een godhamee fi kan Islaamni ittiin bifa hawaasa jabaa ta'ee fi wal-qabataa ta'e uumuuf hordofe kana wal-biratti ilaaluun caalinsa sochii Islaamaa akka hubannu nuuf hin mijeessuu?

Karaawwan Ka'uumsaa Sirreessuu (Diriirsuu)

Dhugumatti rakkoon Qarooma Islaamaa fi kan aadaa Islaamaas bakka furmaataa fi wal'aansa isaaf ta'u irra ga'uu hin danda'u! Hanga bakka inni duraan irratti dhaabbate jennee yaannuu fi yaada warra nuun duraa irraa fudhannee kaafnutti.

Jaalalleen dhihoonii fi kan waa'een kanaa nan ilaalu jedhee yaadus ta'ee kan nyaapha Islaamaa ta'es hunduu Islaamaan uunkaa isaatin ol-aantummaa fi kabaja ol-aanaa qabaachuu isaa waliif galuu malee wal-dhabbii tokkollee hin qaban. Rakkoon Muslimoota dhukkubsachiisee fi mallattoo diigama isaaniitii fi kufiitii isaanii ta'ee mul'atu kun Islaama irraa akka hin dhufin waliif galu.

Haa ta'u malee kufaatii Muslimootaa irraa qulqullina qabaachuu Islaamaa sirritti hubatanis; wanti isaan dhamaasee fi hubachuu dadhaban hunda caalaa Rakkoon eessaa ka'e, sababaan isaa maali? kan jedhu ture.

Maddi rakkoo muslimoota sadarkaa kana irraan ga'e kun amantaa Islaamaa irraa kan dhufe osoo ta'ee Salphinaa fi xiqqeenyi isaan wajjiin ifatti bahee mul'ataa dhufa. Garuu erga rakkoon Muslimootaa akka Islaamummaa irraa hin dhufin ifaan ifatti hubannee booda, yaada kallattii kanaan dhufuu danda'us dhuunfachuu erga dandeenye, yaada kallattii irraa bade fi kan kallattii irraa fagaates karaa qabsiifnee, hanga dandeenyu Islaama gargaaruuf, ifaajee, miidhaa irraa deebisuu fi sadarkaa isaa ol-kaasuu, haguuggii dharaa kan isa hagooguu fedhus irraa kaafnee fuula isaa Islaamaa bareedaa kana ifa goona. Fedha Rabbii guddaatii fi faaruu isaatiin akka Islaamni kufaatii fi rakkina muslimootaa kanaaf sababa hin ta'in erga ibsinee booda; Dhukkubni Muslimootaa kun dhiibbaa Islaama irratti godhuu akka hin dandeenyee fi isa Islaama ragaaf tuquu akka hin barbaachifne himnee , haalaa fi amalli muslimootaas dadhabina Islaamaa ta'anii dhihaachuu akka hin dandeenye ifa

goona. Akka Islaamni yakka hin raawwataminiin hin himatamne gochuu qabna.

Hooggantoonni jalqaba jaarraa kanaa keessa turanis akkuma kanatti dhiibbaa fi rakkinni amantaa Islaamaatti diddibamaa; badii hawaasichaa hundaaf yakkamaa fi faalamaa ta'uu irraa amantiin Islaamaa bilisa godhuu fi rakkoo isaanii hunda sirritti furmaata itti laachuunis guddinaa fi handhuura (bu'uura) Islaamaa badii irraa ittisaa turan. Warri kallattii ka'uumsa Islaamaa kana sirritti karaa qabsiisuuf hojjatanis qalama isaanii kan kallattii ka'uumsaa sirreessuu fi tolchuuf hojii eegalanis qalama isaanii takkaa lafa hin keenye.

Sochii isaanii kana itti fufaa deemuu wajjiin 'erga ragaalee nyaaphaa soba ta'uu fi warreen kufaatii muslimootaa kanaaf Islaamaa yakkamaa godhaa turan saaxila goonee booda, rakkina mul'ataa ta'e kan eessaa akka dhufe hin beekne kana akkamiin furra? Jedhanii of-gaafachuu hin oolle.

Islaamummaa uunkaa isaatii fi Muslimoota rakkoo isaanii qabatamaa wajjiin tarreessinee jirra! Garuu rakkoo dhibee Keenya ta'ee fi jibbamaa ta'uu fi arrabsamaa ta'uu isaa himuun kun eessaa akka dhufee fi sababaa maaliin akka dhufe tarreessuu hin dhiifne.

Sheek Muhammad Abduhu “**Febriyaal Haanooto**” fi “**Arnestireenaan**” kan Haafiz Ibraahiim¹ jedhe:

¹ -HaafizIbraahiim Bara dhibba kudha lamaafi saddeetamiifi torba (1287-1351) / (1871-1932) dh.k.b gidduu ture. Inni: Muhammad Haafiz Ibraahiim Fahmii jedhama inni Mahaandisa, walaleessaadha.

“Haanootoo fi Reenaan akka jabaa dura dhaabbadheen ture

Lubbuu keetiifiis haara galfii fi gammachuudhaan gumaacha kana irratti isaan waliif galuu qabaachuu ibsee ture.”

Yeroo kana keessa lammii isaa komachuu fi sababaa boodatti hafiinsa isaanii kanaan warri nyaapha Islaamaa ta’an tarkaanfii amantaa xureessuu fgeessutti kan kakaase dadhabina saba isaa ta’uu ibse. Furmaata kana yeroo tarreessu kitaaba isaa “*Al-Islaama, An-Nasraaniyyaa, Ma’al Ilmi wal-madaniyyah*” kan jedhamu keessatti sababaan boodatti hafiinsa kanaa waan tokko qofa irratti goguu (Jumuuda) akka ta’e jecha afraffaa jalatti qoratee, miidhaa fi bu’aa miidhaa isaa addaan baasee kaa’e! Maalummaa miidhaa, akka seera sharii’aa fi aqiidaattis erga tarreese booda jecha shanaffaa keessatti goginni kun waan deemuu danda’u (dhukkuba yaalamu) akka ta’e hime. Garuu guyyaa Rabbiin murteesse eeggata jedhe. Innis namoota hubannoo qaban dammaqsuu, kan walalaa ta’an barsiisuu, karaa ifa godhuu fi daba diriirsuu barbaada.

Goggoginni Sheek Muhammad Abduh baanu kun kan gocha aadaa Islaamaa uffatee fi keessa galee argamu kan

Koloneela ta’uun wara keessatti tajaajileera; Abukaatoos ta’uun tajaajileera. Gara biyya Suudaanitti imalee sheek Muhammad Abduhu qunnamee waardiyaas ta’eefii ture, biyya misraatti peeramiidii keessas hojjatee jira; walaleessa (weellisaa) abbayyaa jedhamee beekama.

adeemsa siyaasaa fokkataa uffata godhate kan (Mahammad Abduhu) bifa ummata Islaamaa uffachuu isaa “***Islaamaa Uffatanii Keessi Isaanii Amantaa irraa qullaa ta’e [of keessaa Kan Hin Qabne Ta’an]***” jachuun kan ibse sani.

Kanaatu akka Hadiisa nabiiyyiin hin dubbatin uuman isaan kakaase. Waa’ee *qadaaf fi Qadaraa (murtee Rabbii)* irrattis dabsuu akka fidan godhe! Wal-tajjiilee walitti qabama adda addaa irratti afeerraa seera dhabeessa ta’e, ulamaa’ii gabbaru, awliyaa jedhanii waan adda addaa irratti walitti qabamuu fi kan kana fakkaatu wanti karaa isaan godhachiise hir’ina hubannoo seera sharii’aa Islaamaatii fi *aqiidaa* keessa gale irraa kan dhufeedha. Imaam Abuubakri Ibnul-Arabiis jaarra sagaliin dura karaa kana bahee ture. Rakkoon kun bakki irraa ka’e shira warri muslimoota irratti miidhaa hojjachuu barbaadutu mala siyaasaa fi ogummaan sirritti itti yaadamee godhame irraa akka dhufee fi qindoomina warra lamaan qabsoo ifa ta’ee fi dhokataa ta’e kan (Zaahiriyyaa fi Baaxiniyyaa) jedhamanii beekaman kan badiin isaanii Islaama irratti wal-fakkatu irraa akka dhufe nu himee ture.

Jaarraa sagal booda Sheek Muhammad Abduhu irra deebi’ee rakkoon kun bakki irraa dhufe abbaa murtii kan ta’an Abuu Bakri Ibnul Arabii himan kana sirrii ta’uu ta’uu mirkaneesse.

Garuu hanga ammaatti yeroo hawwiin Muhammad Abduhu dubbatan itti galma ga’u hin geenyee? Dagataan yaadachuu, wallaalaan barachuu hin jalqabnee?

Yeroon isaan shallagan akka dabre shakkiin tokkoos hin jiru; goggoginni inni dubbate sun guutumaan guututti dabree jira. Dhaloota waa'ee Hadiisaa dhugoomsuun isaanii xiqqaa ta'e kana keessatti Hadiisa of-irraa odeessuun bu'aa maalii qaba? Warra waan qadariyyaan qadara irraa mormita caala qadara irraa morman bira hubannoon badaan *Qadaraa* eessa jira? Dhaloota walitti dhufiinsi isaanii iddoo biraa ta'e kana keessatti walitti qabamni isaanii kun miidhaa maalii fiduu danda'aa? Warra wal-tajjiin isaanii falfalame kana maal godha wal-tajjiin dubbatame?

Yaa sheeka Keenya Rabbiin sihaa mararfatu; see'aan (Zanniin) kee faallaa ta'ee dhufuu osoo nu waliin jiraattee argitee. Goggogni badee *mootummaan* Islaamaa qajeelaan akka dhufu yaadaa turte; faallaa se'aa keetii ta'ee dhufuu isaa qabatamaan argita ture.

Bakka bu'aa kee Muhammad Rashiid Ridaa¹ warra duraan falmaa turee fi atis falmaa turte irratti irkachuu isaa osoo

¹- Muhammad Rashiid Hijraa bara dhibba kudha lamaafi saddeetamii lamaafi dhibba kudha sadihiifi shantamiifi afur (1282-1354)dh.k.b (1865-1935) gidduu ture. Biyyaan Baagdaad, gosaa Huseyniyyi kan ta'eefi tokkoo warra tolcha hawaasaatiif qabsaa'an ture. Sirna ogbarruu (Adaba) Seenaa hiika Qur'aanaatii fi hadiisa sirritti beeka. biyya shaam keessaa bulchiisa Xaraabulus iddoo Qalamuun jedhamutti dhalate. Bara 1315 hijraa keessa gara biyya Misraa deemuun sheek Muhammad Abduhu irratti baratee waliin ture. Wanti inni dhiise guddaan Gaazexaa "Al-Manaar" jedhamu kan hanga lakkoofsa soddomiifi (34) afurii baasee fi "**TafsiiraQur'aanaa**"

argitee maaluma jatta? Booda irratti kallattii irra ture dhiisee hiriira isaaniitti deebi'uuf dhihaate. Abdii isaa biqiltuu boodaa irra kaa'ee ture akkuma ati irra keessee abdachaa turtetti. Garuu abdii dhabuun isa mudateera male. Booddee warra isa irratti deebisaa ture irratti deebisee ture, warra gaarii hojjachuu isa dhorkuu turan badii irraa dhoorkuu danda'eera.

Waa'ee ka'uumsa Islaamaa rakkinaa fi furmaataa ilaalchisee qorannoo fi shalaggiin sheek Muhammad Abduhu tarreesse kun faallaa ta'ee argamuu isaa mirkaneessuuf ga'aadha. Garuu kun beekumsa sirrii ta'e kan waa'ee rakkina kanaa ibsuu fi Islaamummaa irraa ittisuu fi maqa balleessummaa booda hafiinsa muslimoota irratti mul'ate Islaama irra kaa'uun raaawwatame soba ta'uu erga shalaggii sirrii ta'e ifatti nuuf kaa'ee boodati.

Waa'een kanaa gara kitaaba isaa *Risaalatu-Tawhiid* jedhamu keessatti ibsetti nuun deebi'a. Innis akkana jedhe: “*Shirkii buqqisee, bakka sanatti toltuu dhaabuu fi qulqullinaa fi ol-aantummaa amantaa Islaamaa ifa taasisee, akka ilmi namaa irkattuummaa yaadaa fi waan hundaa irraa bilisa ta'uu fi ofii isaatiin yaada fedhe yaaduu, isaaf mijeesse; akkasumas uumama isaa eeggatee akka jiraatu kabaja namummaa isaaf taasiseera*”.

jildii kudha lama irraa baasee ture hin xumurre malee akkasumas seenaa sheeka isaa **MuhammadAbduhu** barreessee jira.

Sababa kanatu addummaa akka Islaamummaan tamsa'ee saffisa seenaa kamiyyuu keessatti fakkeenya hin qabneen akka biyya hunda wal ga'u taasise.

Dhuma irrattis tokkummaa guddaa addunyaa Islaamaa keessatti argamee fi lubbuu toltuu yaaddu, waliif rifachuu, wal-simachuu, wal-maxxfanfachuu fi wal-gargaaruu isaan keessatti uumameedha. Akka ummanni Islaamaa ummatoota biraa jiraachisuuf sababaa godhee ture. Fakkeenyaaf Qarooma isaanii ka'uumsa godhachuun warri Awroppaa isa kana hordofuun qaroomaa fi aadaa Islaamaa fudhachuun guddina sirna haaromsaa fi of dura deeminsi hortee akka argamu taasiseera.

Qalamni olaanaan kunis bifa bareedaa ta'een barruu laafaa fi hubatamuu danda'uun bareeduma Islaamaatii fi fokkina jireenya warri hawaasichi amantaa kana hordofu keessa jiruun wal bira qabuudhaan fokkinni hawaasichaa gaarummaa fi bareeduma amantichaa Islaamummaa mamii keessa akka hin galchine ifaan ifatti yeroo lafa kaa'u akkana jedha: “*Amantaan qajeellumaa fi sammuu walitti qabatee deema. Namni qajeelfama kana sirritti fayyadamuu danda'u isaatu milkaa'ina Rabbiin dubbatu argachuu danda'a*” jechuun bifa raajji ta'een akka bareedaan ifa godhee jira.

Dhuma irratti garuu qorannoo akkana bareeddu kana yeroo xumuru akkas jedhe xumure: “*Har'a yeroo waa'ee Islaamaa dubbannu haalli isaa akka armaan olitti ibsine kana ture! Muslimoonni garuu gochaa fi jecha isaaniitiin amantaa isaanii irratti ragaa ta'anii jiran; kanaafuu waa'ee*

kana asitti kaasuu hin barbaadu waa'ee kanaa kitaaba biraa keessattiin dubbadha yoo Rabbiin fedhe”.

Kitaabni sheekni waa'ee kanaa bal'isee keessatti dubbatuuf yaade kitaaba isaa kan“**Ilaalcha Islaamaa fi Kiristaanaa dhimma amantaa fi qaroomaa keessatti**” jedhu fakkaata; garuu waan kitaaba kana keessatti argine yeroo ilaallu sababaa boodatti haftummaa Islaamaa dubbachuu keessatti mallattoolee dhukkubichaa garii kaasee goggogina jechuun dubbatee ture. Mallattoo himus maalummaa gogina kanaaf ka'uumsa ta'ee fi akkamitti akka lubbuu namaatiin wal-baree haalaa fi amala ta'utti tarkaanfatee ibse hin jiru ture. Kunis lubbuun goggogina kana akka ooftu, amantii fi seerota akka jalliftuuf sababa isaa wanti himame hin jiru. Osoo lubbuu muslimaa taate jallina kana ofuu hin dandeettu ture.

Kanaafuu qorannoon sheekni “**Risaalaa Tawhiidaa** keessatti itti akeekan kan “Muslimoonni adeemsa isaaniitin amantaa isaanii irratti ragaa ta'an” jedhun kun liqaa (itti gaafatama) morma isaanii irratti ta'uudha.

Rakkoo Duubatti Hafummaa Muslimootaa

sheek Muhammad Abduhu rakkoo inni lafa kaa'e kana of duubatti dhiisee dabree, akkasuma isaan duraas sheekni isaa Jamaalud-Diiniis bifuma kanaan dabre. Rakkoon boodatti hafummaa Muslimootaa fi ol-aantummaa Islaamaa, aqiidaa fi sharii'aan naamuusa Islaamaa wajjiin sirrii fi qulqullinna isaanii eeggatanii namoota dhuunfaa fi walii wajjiinis jiraachuu fi warri muslima ta'uu himatan hundi boodatti hafiinsa keessa

jiraachuun isaanii rakkoo furmaata hin argatin ta'anii akka jiran hubanna.

Rakkoon inni gogiinsa jedhee moggaasee fi kan dhukkuba boodatti hafummaa hawaasichaa hundaaf mallattoo ta'uu isaa kaa'e kunis ofii isaatiif rakkoo kallattii furmaataa argachuu fi furtoon isaayyuu banamuu hin danda'in ta'ee jira.

Ummanni Islaamaa gara diinitti deebi'uuf, wanti isaan lallabaa jiran; yaadota dura amantaa keessaa hin turree irraa qulqulleessuu, hubannoo isa sirrii ta'e amanticha hubachuu fi gochaa fi jecha fokkataa fudhatama hin qabne irraa addaan baasuun furmaata jedhanii yaadaa fi eeggachaa turan.

Yoo ummanni kun gara amantaa isaanii isa sirrii ta'eetti deebi'anii iccitii fi hiikkaa amantaa kanaa gadi fageenyaaan hubatan haguuggii wanta hin baratamne (bid'aa) fi aad-malee wanta isaanitti ta'e hunda dhiisanii kallattii dhuunfaa fi hawasaatiinis tolanii jabeenya isaanii kan humnaa, beekumsaa fi qaroomaattis deebi'uu akka danda'an dubbataa turan.

Kana jechuun isaanii akka nama dhukkubsate sababaa dhukkubicha fide osoo hin barbaanne dhukkuba irraa akka fayyuu barbaadani, ykn nama rafe osoo maaltu isa raffisee hin beekin hirriba irraa akka dammaqu barbaaduu, akkasumas kan gaggabe osoo maaltu akka gaggaba isatti fide hin beekin gaggaba kana irraa akka ka'u barbaaduu fakkaatan.

Waamichi sochii gowwoomsaa ta'ee fi kan yeroo ilaalan sirrii fakkaatu kan keessi isaa hoffaa ta'ee, tolchuu fi sirreessuuf qabsoo yaadaafi hojiis walitti qindeessuun qabsoo finiinsan fakkaatan kun amantaa kanaaf inaan, kan ummata isaaniitiifis

yaadda’anii iddoo ardaalee wal-tajjii gorsaa irratti walaloo fi sirba isaanii hunda keessatti walakkaa jalqaba jaarraa keenya guutuu kana keessa guddina Islaamaa kana argamsiisuuf sagalee bareeffatanii iyyaa turan; guddina Islaamaa deebisuuf jecha, isa deebisanii jiraachisuuf gubachaa, sochii dhiisuu isaaniitii fi taa’uu irratti of-komachaa, of jibbaa, ofitti aaraa turan.

Isaanii fi amanticha bakka sirriitti deebisuu gidduu wanti jiru karaa duraan qajeelfama amanticha ittiin hordofaa turanii fi booda irraa badan (daban) sanitti seenuu malee homaa akka hin jirre dubbachuu turan. Haa ta’u malee isaan rakkoo karaa sirrii ta’ee fi adeemsa bareedaa ta’e sana irraa isaan gufachiise hin dubbanne. Sababaa boodatti hafiinsa kanaa qorachuu fi hamilee cabuu (murannoo) dhabuun kun maaliif Akka dhufellee hin gaafanne. Osoo gaafatanii fi qoratanii iddoo isaa arganii itti deebi’uu turan. Kanaaf argatanii itti deebi’uu hin dandeenye akkuma irraa gufataniin karaa badanii hafan.

Waggaa jahaatamaan dura hayyuun hayyoota Islaamaa keessaa tokko ta’e namoota gorsaa osoo jiruu qaroomaa fi aadaan Muslimootaa amantaa isaanii Islaama irraa akka dhufe ibse. Achumatti wayta inni gorsa xumuru, namoota collee ta’anii fi hubannoo qaban keessaa kan dura taa’aa jiru tokko waan duratti nu deebisu akka beeknu; sababaa boodatti hafiinsa Muslimtootaa akka nuuf ibsitan isin gaafanna jedheen.

Yeroo kana barsiisaan hayyuun kunis akkana jedhe:
“Gorsi waa’ee sababaa kanaa ibsuuf godhamu biyyattii keessatti osoo hin ta’in biyyaa ala ta’anii godhuu

barbaachisa” jedhee deebiseef. Dhugaa keeti garuu waa’een kanaa biyyoota Islaamaatii alatti ta’uu qaba jechuun deebii raajji fi hayyummaa deebiseef.

Kana jechuun isaa yeroo ammaa kana keessa ummanni Muslimaa rakkoo kana qaama godhatanii waliin jiraachutti jiran waan ta’eef namni waa’ee kanaa dubbachuuf yaaluu kamiyyuu qabsoo badii irratti godhamu osoo hin ta’in qabsoo yakkaan mataa isaa irratti labse waan ta’eef; kun gonkumaa biyyoota kanatti hin yaadamu jachuudha. Akka waamichi (Da’awaan) “**Urwatul-Wusqaa**” eegalte sanatti. Rakkoon bu’uuraa kun osoo akka barbaadametti ibsa ga’aa hin argatin guyyoonni daddabran. Lolli addunyaatis barumsa wa’ii baatee nutti dhufe; hanga warra dura Sheek Muhammad Abduhu biraa eebbifaman keessaa tokko ijaaramaa ta’ee Awroppaa irraa nutti galutti. Yeroo duraatiif biyya *Shaam* keessatti bu’e osoo biyya Misraa hin dhufin dura, inni yeroo kana ibsa ga’aa kennuu keessatti dandeettii ol-aanaa qaba. Innis nama amantaan Islaamaa isa dhabe fi “**Amiirul Bayaan**” jechuun kan beekamuudha. *Shakiib Arsalaan* ⁽¹⁾ jedhama amma boqateera.

¹- Shakiib Arsalaan (1286-1366)H/(1869-1946) A.L.A. maqaan: Shakiib Hammuud Yuunus Arsalaan jedhama. inni shanyii warra Tannuukh jedhamtu biyya Hiiraatti mootii turte san irraahi. Beekaa og-barruu, Siyaasaafi seenessaadha. Hoogganaa Ibsaa jedhamee moggaafama akka malee dandeettii ibsuu waan qabuuf; biyya Libaanos iddoo Shuweyfaa jedhamutti dhalate; achumattis du’ee awwaalame. Biyya Misraa, Sooriyaa, Barliinii fi Jeneevaa biyyoota jedhaman keessa jiraachaa ture. Magaalaa Suwesraa jedhamtu ganna digdamiifi shan

Inni yeroo dhufu gaazexaa Al-Manaar jedhamu kan gaafii dhiheessu, rakkina kanas babal’isee ibsu arge. Gaazexaan kun sagalee Sheek Muhammad Abduhu fi kuusa beekumsaa fi yaadaa kan ta’e (Shakiib) turte. Shakiib gaafiilee Al-Manaar irraa dhihaataniif deebii barreessaa ture, achumaan kitaaba isaa kan “Muslimoonni maaliif duubatti hafanii warri biraa duratti deeman?” jedhu barreessuu jalqabe.

Yeroo jalqabaatif waa’een rakkoo kanaa sirritti ibsamee bu’uurri isaa barreeffame kan isaa kana ture. Achii booda ammas maxxansa lammaffaa irratti kitaaba maqaan isaa **“Haadiral Aalamil-Islaamiyyi/ qabatama Addunyaa Islaamaa”** jedhu, kan barreessaa guddaa Ameerikaa (Losrob Tiyoduraa), kan (Hajjaaj Nuweyhid) namni jedhamu Afaan Arabaatti geeddare irratti yaada dabalataa isa dhugaa ta’ee fi ifa maxxansaa jalqabaa irratti waan hin barreessin lammaffaa kanatti yeroo barreessu waa’ee kanaa achitti bal’inaan barreessee ture.

Amiir Shakiib gara boodaa yaada marii keessatti barruu mata dureen isaa **“Maaliif Islaamaan of qofaaf ol-aanaa ta’e? Ummanni Muslimaa ol-aantummaa maaliif dhaban?”**

(25) jiraate. Gaazeexaa (La Nation Arabe) jedhamu Afaan Faransaayiin barreessaa ture.

Biyya Ameerikaa, Ispeenifi biyyoota Awrobbaafi Arabaattis hedduu daawwatee ture. Afaan faransaayifi Turkii sirritti beeka! Jarmaniifi Ingiliziis hamma tokko ni beeka! Barreeffama isaa keessaa kan sirritti beekamu: **“Muslimoonni Maalif Boodatti Hafan”** kan jedhuufi **“Addunyaa Islaamaa wajjin jiraadhu”** jedhamuudha.

jedhu jalatti ibsee jira. Ibsi isaa kun sirritti kan mul'atuu fi dhugaa ta'uunis tolchee bifa gaariin xumuree jira.

Qorannoo isaa kana sirnaa'aa ta'e kana yeroo barreessu Jecha barreessaa hawaasummaa kan biyya Xaaliyaanii kan Amiir (*Jiyoovanii Borjiiz*) jedhamu jecha gatii guddaa qabu Falaasafaa Faransaayi (Koondoorsii) jedhamuu irratti barreesse jalatti Shakiibis yaada qeeqaa kaa'uuf kan barreesse ture.

Dubbittiin bakka yaada kakaafuu bira geessee mata duree kanaan waan yaaddoo kaafte fakkaatti. Innis akkana jedhe: “*Amantiin* Islaamaa isiin bu'uurri isii hubannoof laafu, waan nama rakkisus hin qabnee fi namaaf laafinsa qabu kun sababaa gabrummaa siyaasaa fi yaadaa kan addunyaa gara irra guddaa ta'e wal-ga'e isii kana fakkaatti”.

(Wargeeziin) amantaa kiristaanaa irraa deebisuuf jedhee hawwii jabaan ka'ee akkana jedhe: (Koondooroosii) yeroo guddinna Islaamaa komatuu fi amantaan Kiristaanotaa sababaa guddinnaa fi Qarooma Awrooppaa akka ta'e himuuf yaalii godhu erga Muslimoonni boodatti hafoo ta'ani amantaan isaanii ol-aanaa ta'uun waan fagoodha jedhe.

Yeroo kana Amiir Shakiib Arsalaan balbala argatee qeeqa (yaada) hiikkaan isaa beektota hawaasummaa heddu irratti wal-xaxee hubachuuf rakkachaa turan kana hiikuu fi akka hubatan isaan gochuu eegale.

Innis: yeroo dhumaa kana irratti osoo qaroomaa fi ol-aantummaa fiduuf *amantiin Islaam* mijjee meeqaatama qabuu boodatti hafummaa Muslimootaa kan ilaaludha. Kanaaf Shakiib Arsalaan barreeffama isaa duraanii kan Muslimoonni maaliif

duubatti hafan? Jedhutti deebi'ee achi irraa ragaalee dhiheeffachaa deebii isaa laachutti seene.

Inni dhugumaan kallattii diin islaam kana bir'uu nyaaphni isaa durii kaasaniittiin xureessaa turan kan “Mukni Firii Isaatin Beekama” jechuun hawaasa muslimootaa Islaama irratti dhiheeffatan kana irraa deebisuu fi yakkama kana irraa qulqulleessuuf karaa laafaa fi hubatamaa ta'een dhiheesseera.

Akka hubatamuu fi laafuuf jecha amantaa fi magaalummaa addaan baasee dhiheesse. Bara durii osoo amantaan Kiristaanaa itti hin dhufin dura Girikootaa fi Roomaanis Qarooma mataa isaanii akka qaban beekamaadha. Garuu erga amantaan isaanitti dhufee booda kufaatiif saaxilamanii turan. ta'us garuu kufaatii fi ka'umsiileen seera mataa ofii qabaachuu lafa kaa'ee amantaan kiristaanaa hawaasa (Girikii fi Roomaa) kana lamaan duratti oofuu fi boodatti hanbisuu keessattis shoora tokkos taphatee akka hin jirre mirkaneessee ture.

Hawaasni Muslimaatis duraan Qarooma guddaa horatee, Aadaa bal'aa fi ol aanaa ta'es qabaataa turan. Gara boodaa sababaa kallattii qajeelfama guddinnaa akka ta'e Qur'aanni isaanii akeeke kana dhiisuun kufaatiif saaxilamanii jiran.

Akkanatti waan duraan addaan baasee ture walitti deebise. Qur'aanni ka'uumsaa fi Qarooma Islaamaatiif sababaa akka ta'e himee, kufaatii fi boodatti hafummaa sabaa amanticha irraa fagaachuu godhee dhiheesse! Akkuma olitti ibsame kanatti shalaggiin (safartuun) qaroomaa fi aadaa amantaa akka hin ta'in labsaa ture.

Namoota ibsa waa'ee kanaa hordofan wal dhabbiin kun isaan dhamaasa! Akkamiin faallaa daangaa (qarqara) lamaan jiru walitti qabuu danda'a? Qaroomni Muslimootaa Islaammaan kan dhufee miti yoo janne ifaajee Keenya hunda balleessine, akkasumas karaa fala rakkoo kanaa barbaaduuf qorattoonni hundi irra deemaa as ga'anis balleessine jechuudha. Yaaddoon Keenya kana jachuu yoo nu dide! Wanti jedhamu maali? Sababaa guddinaa fi qarooma Islaammaa goona. Boodatti hafummaafis sababaa Islaammaa hordofuu dhiisuu goona. Garuu maaliif jabeessanii Islaamaamummaa hin qabatan? Maaliif Islaamaamummaa irraa gara galan?

Wanti fuula Keenya dura jiruu fi nu dhaabbachiise isa kana. *Arsalaani*: rakkoo sirritti ibsuu fi hamma inni ga'uu kaa'uu danda'uus garuu fala kaa'uu irratti tasgabbi dhabee karaa bade jira. Rakkoon Keenya ammas taanaan akkuma jirutti taa'ee furmaata eeggachaa jira. Rakkoon Qarooma Islaamaa isii ibsuuf kallattii adda addaatiin gara gaggarchinullee hanga ammaatti rakkoo osoo furmaata hin argatin jirtuu fi teessee furmaata nurraa eeggachaa jirtuudha.

Sababaan Qarooma Islaama Muslimootaa ta'uu irratti yoo waliif galle; Akkasumas irraa gara galuun, barnoota isaa dhiisuun, seera isaa laaffisuu fi naamuusa isaa qabachuu balleessuun sababaa boodatti hafiinsa muslimootaa ta'uu irrattis yoo waliif galle! Gaafiin sirrii ta'ee fi bakka sirrii ta'etti dhufu uumamuun isaa hin hafu.

Innis: maaliif bara durii waggoota dheeraaf amantaa jabeeffatanii qarooman? Booda irratti yeroo gara yerootti akka

wal-irraa boodaatin amantaa duraan ittiin guddatanii fi qarooman kana irraa dabanii haalaa fi amala biraa horatanii bu'uura amantaa, haalaa fi amala haarawa hanguma bubbulaa deemuun bu'uura Muslimoonni duraanii qabatan irraa isaan fageessutti maaliif garagalan?

Bara dhufaa dabraa keessa dureen xiinxaltoota ta'an waa'ee kanaa hedduu kaasaa turan; babal'isaniis barreesaaniiru. Wal'aansa isaas yaalii godhanii jiru, waa'ee kanaa jalqabaa hanga dhumaatti waliin ga'anii jiran; ta'us dhukkubicha kana jedhanii suduudaan (kallattiin) lafa kaa'uu hin dandeenye malee.

Akkuma kana warri waa'ee kanaa kaasee fi dubbate warreen xiinxaltootaa Islaamaa kan walakkaa rakkoo kana jiraatanii laalaa fi miidhaa isaa dhandhamaa jiraatan qofa irratti hin gabaabbanne.

Warri dhimmi Qarooma Islaamaa kun isaan ilaalu biroos wa'ee kanaa kaasanii irratti dubbatanii barreessanii jiran. garuu akka warra biyya keessaatti bira jiraatanii waliin rakkachaa ittiin gubachaa osoo hin ta'in irraa ala ta'aanii qorataniis furmaata rakkoo kanaati jedhanii kan kaa'an ni jiru! Ta'us fumaanni isaan dhiheessuuf yaalan akka kan warra biyya keessa jiranii bakka irratti bu'uu dhabuun ni jira. Maddi wabii isaanii adda waan ta'ee fi bakki warra biyya keessa jiranitti mul'attuu fi isaanitti mul'attu adda waan ta'ee garaagarummaan ni jira.

Warreen biyya alaa taa'anii rakkoo Muslimootaa kana irratti barreessanii fi qorannoo irratti gaggeessan irra hedduun

isaanii barreessitoota Warra Awrooppaa fi Ameerikaati. Barreeffamni isaanii jaarraa 20^{ffaa} gara jalqabaatti yaadaan shalaggii fi tilmaamaan waan hedduu kaasanii jiran; ta'us waa'ee Qarooma Islaamaa jechuun hedduu hojjatanis qaamaan alaa waan ta'aniif furmaata kaa'uu hin dandeenye.

Isaan jechuun warreen qorannoolee fi qo'annoo adda addaa gaggeessan kanneen akka barreessaa fi qorataa lammii Ameerikaa (**Istoodaardi**) kan jedhamuu fi isa lammii Faransaayii (**Foodfiro Domoonbiin**) kan jedhamus waa'ee dhihaa fi bahaas qorateera! Isaan lamaanuu xumura qorannoo Qarooma Islaamaa jedhanii barreessan keessatti jecha gatiqabeessa (mallattoo) ta'e kaa'anii jiru.

Ameerkichi kitaaba isaa (Haadirul Aalamil Islaamiyyi) ykn *Qaroomaa Addunyaa Islaamaa* jedhu kan arabiffatti deebifamuu isaa akeekne sana barreesses ni jira.

Faransaayichis: “Annazmul-Islaamiyyah” kan jedhu barreessuun mallattoo hanbisee jira. kan isaa afaanuma ittiin barreeffame saniin jira malee hin geeddaramne. Yoom kana qofa warri biyyoota Awrooppaa fi Ameerikaa kanneen biroos waa'ee kana irratti kan barreessan hedduudha.

Isaan hundi yaada haalamuu hin taane kaasanii jiran; innis: addunyaa Islaamaa bara durii qaroomaa fi guddaa ta'uus yeroo ammaa duubatti deebi'uu fi gara kufaatii dhufuu isaa kaasuu irratti yaada wal fakkaataa ta'e qaban.

Yeroo ammaa kana sammuu biyyota Islaamaa keessatti riphee turetu giidoo (dandetiin) argatee isaan keessatti dammaqee fi gara geeddaramaatti isaan fidee jira. Kanaatu akka

isaan of guddisanii, of jajanii fi warra biraa biratti kabaja argatan isaan taasise jedhanii yaadu.

Barreessitoota waa'ee Islaamaa bara boodaa kana barreessan wanti walitti isaan fiduu fi isaan irratti waliif galan yaada kana lamaan qabaachuu isaaniiti. Qu'annoon isaanii kun lola addunyaa kan lammaffaa dura waan ta'eef waan lola kana booda dhimmi irratti hafe arguu hin dandeenye.

Dhugumaan lolli addunyaa kan lammaffaa kun gooha (iyya) isaanii kanaan tilmaama isaan lamaanii akka yaalii sirriitti osoo irraa hin dabin dhugoomee dhufuun haala motummoonni Islaamaa ciccittuun biyyaa biyyaatti addaan hafte kallattii jirtuun sosochootee raayyaa waraana gabroomfataa ofirraa kaaftee biyya ofii irraa baaftée turte; kun akka Islaamummaan of biraa fi warra biraa birattis kabaja ofii itti mirkaneesse ta'uun qofti ragaa ta'uuf ga'aadha.

Haa ta'uu malee, wanti gadi fageessanii xiinxaluu nama gaafatu kana booda Addunyaan biyyotni Islaamaa gabrummaa jalaa bahee mirga murteesse murteeffachuu argatee bilisoomme kun of duratti akka walabummaa ofii deeffate kanatti Qarooma ofii ni deebifataa laata?

Qarooma bifa haarawa godhatee Islaammaan faayamee fi bu'uura Guduunfaa (Aqiidaa) Islaamaa irratti ijaaramee dhaabbate bareedinna duraan seenaa dabre keessatti horate sana bifa fakkaatuun qaroomaa fi aadaa Islaamaa ture; deebifachuu ni danda'aa?

Hafuurri Qaroomaa Kallattii Xiinxalaa Ta'e Irraa Fagaachuu

Ummatoonni Muslima hin ta'in hedduun gabrummaa jalaa bahanii bilisummaa fi ofiin of bulchuu argatanuyyuu Qarooma mataa isaanii isa duraanii deebifachuu fi hegeree isaanii irratti ijaarrachuu hin dandeenye. Kana qofaa miti; isaan eenyummaa ofii dagatanii kallattii guddinna isaanii warra biraa hordofuu godhachuu eegalan. bilisummaan isaanii senaa qarooma namaa keessatti bakkee argachuu hin dandeennee

Isaan sirna siyaasaa, daldalaa, qaroomaa fi aadaa keessatti warra biraa hordofuu malee carraa biraa argachuu hin dandeenye. warra biraa irratti irkatanii jiraachutti deebi'an. Ka'uumsi isaanii ka'umsa sirrii waan hin ta'iniif kallattii geeddaratanii ka'an. Dhimmi ummata kanneenii bahaa fi dhihatis waluma fakkaata. Fakkeenyaaf: ka'uumsi warra Jaappaan isa Qarooma Budahaa qabuu miti. Qaroomni biyya Chaaynaatis kan Qarooma Koonfooshii qabuu miti. Qaroomni biyya Giriikis ka'uumsaa fi Qarooma isaanii kan Beezaanxaa, kan *Puluttoo Fi Aristootiliis* of keessaa kan qabuu miti. Akkasuma, inni karaa kamiinuu Qarooma Giriikii isa sirriis miti.

Qaroomni Islaamaa kunis carraa warra kana mudatetu isaan muudata moo? Qarooma islaama qarooma hafuuraati. bu'uurri isaa amantaan, aadaa Islaamaa kan addaa fi duudhaa saboota adda addaa walitti makatuun gara fulduraatti waan guddatu fakkaataa?

Barreeffamni waa'ee boodatti hafummaa Qarooma Islaamaa irratti barreessitoota Awrooppaatiin kaa'ame kamiyyuu wanni inni osoo hin kaasin irra hin dabarre hegereen Qarooma Islaamaa kan ilmaan Muslimootaatin argamu ta'uu, yookaanis Muslimoonni jireenya qarooma Islaamaani keessaa hin calaqqifne jiraachuuf deemu jedhu, kuni mormii namni tokkolee jala sararee kana jedhee murteessuu dadhabeedha.

Akka yaada (Sheek Doomoonbiinitti) ka'uumsi guddinna Islaamaa kun kan hordoftoota amantaa Islaamaa keessatti qoqqoodamaafi faca'iinsa wahyii fi yaada sammuu bara xumura addunyaa kana giddutti uumaa dhufa. Muslimni bifa ammayyaawaa haarawa kanaan sammuu jaarraa darbabbii fayyadamuu fi keessa ofiittis amaloota dhugaa ta'e kan abboota isaanii irraa fudhatanii Muslima mul'ata haarawaan ni uuma jedhanii yaadaa turen.

Amma dhugumaan hawwiin barreessaa Faransaayii kan (Qarooma Islaamummaan keessa hin jirre ykn Muslima qaroomni Islaamaa keessa hin jirre jedhee yaadu kun dhugaa ta'ee argamuu ni danda'aa? Dhugumaan Muslimni sammuu isaa keessatti bu'uurri Islaamaa jiraachuun waan itti dhaga'amu kamiyyuu Diinii fi Duniyaa wahyii fi miira sammuu addaan baasee ni dhiheessaa? Namichi gara-lamii ta'e kan barreessaan kun itti akeeke gar-tokkee ofii dhiisee gar tokkoon ka'uu ni danda'aa? Osoo gar-tokkee kana balleessee walitti hin makin lamaan isaaniitiif addummaa fi amala isaanii addaan eegee al-tokkoon fiduu ni danda'aa?

Hidhata rakkoolee kana keessatti yaada (Domonbiin) waa'ee guddiinna qarooma Islaamaa irratti kaase kana hojii irra oolchuu osoo hin dandeenne karaan itti cufama. qabatamni guyyootaa fi halkanii amma keessa jirru waan hin eeyyamneef, daangaa hawwii fi tilmamaa bira taruu hin dandeettu.

Barreessaan Ameerikaatu Qarooma Islaamaa kana osoo hin miidhin waa'ee isii sirritti Qarooma ol aanaa fi saffisaa ta'uu ibsee ture; yeroo gara baduu deebi'us akka malee baduun isaa sirritti ibsee jira; garuu hegere isaa irratti murtii osoo hin laatin irraa duubatti dheebi'e.

Kan inni godhe qorannoo sirrii, xiinxala dhugaa ta'ee fi hubannoo sirrii kan hegeree jabaa ta'e baatee deemu ta'uus mul'isee jira; foolannoota ulfaataa kana irraa bariin haaraan jabaan Addunyaa haarawa keessatti akka dhalatuuf jiru argisiisee jira.

Barruuleen qalama warra dhihaa marti waa'ee qarooma Islaamaa irratti murtii kennuu waan hin dandeenneef, namoonni gariin waan hin taanetti rarra'uu; kuun immoo haasawaa dheeressuudhaan dubbii lafaan maru. Hafuurri qarooma kanaa rakkoo cimaa waan isaanitti ta'eef ; namni hubannoo cimaa fi gadi fagaataa qabu dhahanna lubbuu tanaa yoo qorate malee injifannoo isii hegeree murteessuu hin danda'u.

Ilmaan Islaamaa keessaa warri rakkoo Qarooma Islaamaa kana sirritti kaasee ibsee fi furmaata itti kaa'uuf yaale muraasa warra duriitii fi xiqqoo warra boodaa irraa ta'aniidha.

Karaa Qormaata/Xiinxala Ibnu Khaldun

Hayyichi Seenaa guddaan Waliyyud-Diin bin Kaldun (1) warra kanaa fi kaan keessaa isa tokko. Inni haalaan rakkoo kana ibsuu, bareechee dhiheessuu fi sirritti dubbachuu keessatti irra caalaa namoota kan mataa gadi qabataniifiidha.

Inni bifa baruumsaatin gadi fageessee qoratee, bu'uuraa fi damee isaatis addaan baasee, bu'uurota mootummaa Islaamaatii fi waan isiin dhaabbachuuf isii gargaare kaasee booda irratti qabatamaan eessatti akka booda aantes kaasee ture. Kana qofaa miti haalaa fi amala dhuunfaa Muslimaa isa bara durii, haalaa fi amala dhuunfaa yeroo ammaa jiranis kaasee ilaaluuhaan Dhugaa jiru hubatee too'achuun sababaa garaa garummaan hawaasaa yeroo lamaanii maal irraa akka dhufees ibsee ture. Kunis hubannoo qaroomaa fi aadaaf hawaasni suni bara hunda keessatti kan barbaadu, dhugummaa amantii fi argama guutuu hawaasa sanii irraa akka ka'uus ibsee jira. Kunis

1- Ibnu Khaldun hijraa (732-808) jiraate. Inni: Abdurrahmaan Muhammad ilma Muhammad Hasan, Ibni Khaldun; Abuu Zeydi al-Hadramiyyi jedhameeti kan beekamu! Dhalooni isaa Ashbiiliyyaa Tuunus keessa jiraatas biyya masrii magaalaa Kaayroo keessas jiraateera. Mazhabaan Maalikiyyaadha. Beekaa barreessaa, seenessaafi beekaa hawaasummaati! Biyya misraa keessatti abbaa murtee ta'ee hawaasicha tajaajilaa ture.

Barruu isaa keessaa beekamaan: "Al-Ibar Wadiiwaanul Al-Mubtadaa Wal-Khabar, Fii Ayyaamil- Arabi Wal-Ajami-Wal Barbar", Taariikhu Ibn Kaldunifi Sharhii Burdaa" faadha.

hordoftoonni amanticha kana hordofan hawaasa keessatti akka mul'atan barbaachisa.

Waa'een siyaasaa, kan warshallootaa, kan ijaarsaa fi baruumsaas mootummaa Islaamaa keessatti, waa'ee amantichaatin kan wal qabatu taasisee jira.

Dhugaan jalqabaa fi bu'uura amantii Islaamaatiif kan ta'e guduunfaa onnee (Aqiidaa) taasisee jira; rakkoo mootummaan Islaamaa sirna qaroomaa irraa baduu, hafuurri ijaarsa biyyattii kan boodanaa kunii fi dandeettiin warshaalee uumuu dadhabuu kun hundii fi hamiileen barnootaa muslimoota keessatti laafaa dhufuu, adeemsi sirna barnootaa biyyoota Islaamaa adda addaa keessatti dadhabaa dhufuun rakkoo akka qabus himee ture. Bu'uura Islaamaa irraa kan mootummaan Islaamaa jalqabaa guddinnaa fi qaroomaaf (ijaarsaaf) bu'uura godhatteen dhugaa irra ture irraa kan badee akka ta'e mirkaneesse jira.

Hunda isaa rakkoowwan uunkaa dhuunfaa Muslimaa durii Aqiidaa irratti leenji'uu, gar-tokkoon Aqiidaan gara kaaniin Qarooma ijaarsaa, warshaalee fi sammun guddachuu walitti qabachuun mul'ata isaan irraa calaqqisaa ture kana argachuu danda'an jechuun achitti galche.

Qorattoonni hundi hir'ina yeroo ammaa hawaasummaa fi Qarooma Islaamaa keessaa mul'atu; isa sirna bulchiisaa fi badii dhuunfaa kana keessatti mul'atu kana qoratani badiin dhufuu mirkaneessuu qofa irratti gabaabbatanii turan.

Ibnu Khaldun garuu rakkoon kun dhufuuf rakkoon akkamii akka duuba jiru, sababoota dhufan kana fiduuf

sababoonni duuba jiran maali jechuun duuba deebi'ee qorachuudhaan yeroo kana faanti isaa lafa irratti hafee aadaa fi Qarooma Islaamaa keessatti kallattiin argamuus sababaan sirrii fi dhamti rakkinni irraa dhufe isa kana qofaa miti. Bu'uurri inni jalqabaa haala sirrii ta'een yeroo turu qaroomaa fi aadaanis gaarummaa ofii eeggachuun turu; booda irratti yeroo bu'uurri inni jalqabaa of eegu fi kallattii sirrii ta'e irraa baduuf saaxilama kana qaroomaa fi aadaan isa keessatti argamanis walumaan hir'innaaf saaxilame jedhanii jiru.

Namoonni hunduu haalli qaroomaa fi aadaa yeroo Kaliifaa (bakka bu'oota Islaamaa) afran jalqabaa keessatti lafaa kaasanii uumuu, guddisuu fi Uunkaa hoo'ituu qabaachuun isaa; haala qaroomaa fi aadaa yeroo dhuma mootummoota Abbaasiyyootaa irraa adda akka ta'e sirritti hubatan.

Kan yeroo boodaa kana keessa jiru calaqqisaa fi qophii mijeessu qabaachuun caalaa ta'us kan ittiin madaalamu fedhii misoomaa fi guddinaaf namoonni dhuunfaa yeroo lamaanii wal-irraa adda isaan godha; malee mijee qabaachuu fi tasgabpii ekeraa dhaalamaa ta'e qabaachuudhaa miti.

Qaroomni fudhatama qabuu fi iddoo ol aanaa ta'e horate isa yeroo durii jabeenya iimaana dhaloota saniitin kan naannummaa irraa gara addunyummaatti isaan tarkaanfachiise, kan kaka'umsa amantaa isaanii irraa dhufee fi dhimma amantaa isaanii guddisuu, dagaagsuu, ilaaluu fi waan bu'a qabeessa ta'e hundaaf wareegamuun barbaachisaa ta'uu ifaan ifatti kaa'ee jira.

Kanaaf, barnoota hunda waliiti qabatanii qaroomaa fi amantaa, aadaa fi dagaagina hawaasummaa kan wal qabachiiftee fi dhuunfaa isaanii keessa galchee, akka haalaa fi amala qaroomaa fi aadaa kanas ofitti maxxansee asxaa irraa bahuu hin taaneen sumudee faana yaadaa fi adeemsaa tasgabbiin guutame kan dabballoota (daa'iiwwan) isaa dhaalchisee ture kanaan faayyadamee akka mul'atu isii taasise.

Qaroomni kun isaatu dagaaginaa fi badhaadhina seenaa Islaamaa keessatti argamu kana uume. Isaatu gosoota baruumsa akka naamuusaa, warshaa, (ijaaruu) barnoota, Artii fi kan biroo hunda isaan horachiise. Muslimni Qarooma kana uume ammo abbaa qaroomaa kana ijaare ta'ee kan argameef Iimaana jabaa, hamilee hoo'ituu, yaada sochoo'aa, naamuusa qulqulluu fi adeemsa dhugoomaa (amanamaa) ta'e kanaan kan uumameedha.

Gaafa haalli isaanii ol aantummaa fi qulqullinna qabaachuu ture sana dhiisee irraa gara galu; qaroomni mallattoo duraan tureen dhiisee mallattoo haarawa horachuu eegala. Abbummaa fi ijaaraan isaatis qaama biraa ta'eeti kan ibsamu. Abbaan isaa inni jalqabaa Muslima ta'uyyuu, yeroo ammaa garuu booji'amaa isii (qaroomaa) ta'ee badii fi yakka isii barbaadee raawwachaafi jira.jabeenya iimaanaa, kan yaada, kan adeemsaa fi naamuusaa kan duraan qabaachuu qabu waan dhabeef rakoon kun isa mudate.

Kanaatu rakkoo Qarooma Islaamaa kana mul'isa. Yeroo kana qorannoo fi ejjannoon ogummaa kan Ibnu Kalduunis ifatti mul'ata. Rakkoon kun akki itti yeroo Ibnu

Kalduun kanaa fi yeroo Jamaalud-Diiniil-Afghaanii fi Sheek Muhammad Abduhu akkasuma Hayyicha Muhammad Iqbaal ⁽¹⁾, keessatti ibsamu irraa adda addummaa qaba. Warri kun ummata Muslimaa kan injifatame, Qarooma isaatis kan rukutame, mootummaas tan diigamte ykn diigamuu irraa adda hin taanee fi ummata bakka warri isaan hin ta'in ga'e ga'uu dhiisi ga'utti dhihaachuu hin danda'initti dhufan.

Ibnu Kalduun ammoo rakkoo fi miidhaa duraan ummata Islaamaa qunnamee gufatiinsa Baagdaadiif sababa kufaatii ta'ee ibsuus yeroo kana keessa ummanni Islaamaa kabajaa, ulfina ofiitii fi mootummaa ofiis hin dagamne jrdhanii ilaalaa turan.

¹-Muhammad Iqbaal dh.k.b bara (1876-1938) ture.

Inni maatii warra Barhama tan amantaa Islaamaa fudhattee gara Kaashmiiritti godhaante irraa yoo ta'u, paakistaan magaalaa Laahuuritti barnoota falaasamaa (falaasifaa) baratee ture; achii booda bara 1905 keessa gara Kanberdeg imalee ture. Sana boodas gara Miyooniikh imalee ture. Sadarkaa Doktoorummaa waa'ee falaasamaatin argatee ture. Biyya Ingilizii keessatti waltajjii gorsaa hedduu gaggeese tur.

Bara 1908 keessa gara Hindi deebi'e! achumaan Qur'aana qara'utti deebi'e dhaamsa abbaa isaa kan *"Yaa ilma kiyya akka waan sirratti buufameetti Qur'aana dubbisi"* jedhu waan qabuuf. Afaan lamaan Faarisiifi Urduutiinis walaleessaa ture! Kitaabota heddu barreesse isaan keessaa tokko: *"Asraaruz-ZaatiyyaaRumuuzu-Zaatiyyah"* jedhuudha. Inni nama dhimmi Adduyaa (universi) Islaamaa haalaan isa yaaddessu ture; hamilee isaa (Addunyaa /Univesi) Islaamaa kana kakaasuufi hawwii isaanii qabsiisuuf ijibbaata godhaa ture.

Ummatoonni biraas kabajaa fi jabeenya isaanii ni beekan waan ta'eef jibbannaa fi tuffii Islaamaaf qaban kan akka muslimoonni hir'ina qabaachuu fi diigamuu isaanii bir'achiiftu ni dhokasan malee ifatti hin mul'isan.

Haa ta'u malee sammun namaa gadi fageessee yaaduu fi xiinxaluu of duratti akka gadi aanaan namaa ol ka'uu fi ol aanaan namaas gadi bu'u; jiru haal-duree warra akka Ibn Kalduun Ija fageenyatti argitu, tan rakkoo fageenyaa bifa hubatamuun kaa'uu dandeessu qabu malee warri biraa hubachuu hin dandeenye baasutti akeeki.

Jaarraa jahaan dura ifa kaa'ee nuuf hime akka nuti amma ifatti hubannee fi warri qorattoota rakkoo Qarooma Islaamaa kaa'an ifa godhanii kaa'anitti. Inni fageenya san irraa rakkoo yeroo ammaa kana keessa bifa guutuu ta'een irra geenyee hubachuu dadhabne kana irraa ga'ee hubachuu danda'e fakkaata.

Ibnu Khalduun dhimma kana kallattii mootummaa fi ijaarsaatin fudhatee ilaale. Qorannoo isaa akka Muslimoota biratti beekamuu ture kan Hadiisni nabiiyyii (S.A.W) itti akeeki isa Kaliifummaan gara mootummaatti gara galuu sana irratti gaggeesse. Dhugumatti Muslimoonni bu'uura badii mootummaa Islaamaatii fi badii hawaasaa kan mootummaan isaanii baduu irraa isaanitti dhufu kana ta'utti yaadan.

Ibnu Khalduun ilaalcha kana kallattii biraa qabsiisee dhufe; rakkoo Kilaafaan mootummatti geeddaramuu kana mallattoo rakkinaa malee waan dhimma ijaarsaa fi mootummaa Islaamaa geeddaruu danda'u ta'uu dhabuu ibse; rakkoon kun

mallattoo sababaati waan ta'eef; sabani badii mootummaa inni sirrii qoratamee ibsamuu qaba jedhe. Achumaan dhimma hundaa hanguma namni dhuunfaas ta'ee hawaasichi guduunfaa (aqiidaa) gaarii qabu, amanamummaa qabu, adeemsa fi ijjannoo isaa keessatti qulqulleessuun waan wal dhabuuf gara dhugaa fi dharaatti deebise, yaada gaarii fi yaada badaa irraa ta'utti deebise.

Warreen amantaa isaanii eeggatanii dhugaa irratti irkatan kamiyyuu sirni bulchiinsaa Kilaafaa irraa gara mootummaa geeddaramuun rakkoo isaanitti fide tokkos hin qaban. Adeemsi isaanii keessatti siyaasaa keessa galuunis isaan hin mancaafne ture.

Warri lubbuun isaanii isaan injifattee kallattii deemuu qaban irraa dabanii motummaa isaanii fedhii lubbuu isaanitiif qofa oolchan kanneen dantaa mootummaa Islaamaaf ta'uu irraanfatanii fi haqa irratti irkachuu dadhaban. isaani warri amantaa ofii dugda duuba ofiitti darban, Isaan warra hireen isaan diin isaanii isaan biratti dadhabaa fedhii lubbuu guuttachuu fi warra isaan dura dhaabbatee fedhii irraa isaan dinniinu ittiin gadi cabsuuf oolchaniidha. isaan biratti kan tumsa godhaniif motummaa isaanii malee diinii miti.

Ibnu Khaldun dhugumaan Qarooma Islaamaa gara bu'uura isaatti deebise; yeroo sirritti ibsamu dhugumaan Qarooma kana hafuura isaa itti deebise; innis: Guduunfaa onnee (Aqiidaa) diiniiti. Dhugumatti rakkoon waa'ee Qaroomaa fi aadaa Islaamaa kun osoo karaa Ibn Khaldun kanaan ilaalamuu baatee rakkoo furmaata hin qabnee fi mallattoo sababaan gara

biraatti kallattii irraa dabistuu fi argamuu irraas fagaatu ta'ee hafa ture.

Hiika Qaroomaa Akka Ilaalcha Islaamaatti

Hawaasichi Islaamaa kun hiikni addaa yeroo itti kennamu hawaaa amantiiti. amantaan isa meeshaa jalqabaa kan gara hojiitti isaan kakaasuudha. Wamicha amantichaa fi iimaana isaanii irraa uummatichi waamicha kanaaf awwaate... iimana saniin foo'amee haalaa fi amala haarawa horachuun foo'amaa tahee jira. Barnoonni warshaalee jireenya diinagdee qofa tajaajiluufii miti. Kan inni amantaa kanaan horate Haalaa fi amala gaariidha malee qabeenyaa miti.

Hubannoo amantaa kanaa qofaan musliimaaf fuul-dura isaaatti ilaalchi bal'aan hawaa kan mul'ate akka gadi fageessee xiinxalluu fi bakkee itti amane dhugoomsuufi.

Yeroo naannoo isaa ilaalee waan naannoo isaatti argaman hubatee ka'u akka amantaan Islaamaa jedhutti wal caalmaa naannoo isaatti argamu ilaaluun isa caalaa akka filatu barbaada. Achumaan yeroo barnoonni gosa fedhees taanaan waan hunda caaluu isaa argu baruumsa filatee barnoota eegale. Barnoottni hambaa dhala namaa ta'uu isaa hubatee barnoota namoonni hunduu walii wajjiin hirmaatan irraa qooda fudhatee achumaan barnoota bifa adda ta'een dhaala Muslimaa ta'e kana jalqabee lafaa kaasee. Gosoota barnootaa lamaan dhaala ilma namaa hunda hirmaachisanii fi barnoota dhala nama muslimaa hirmaachisan walitti fiduun bu'uura hubannoo Barnoota lamaan walitti hidhu godhatee ittiin akkaataa adeemsa

jireenyaa hojitti hiiku baratee isaan jireenya addunyaa kanaa sirana isiin irratti ta'uu qabdu ishee qabsiisee jira.

Dhugaa amantaa isa qabatamaa ta'e irra dhaabbachuudhaan gara addunyaa kana akka irratti ta'uu qabutti hojiidhaan mirkaneessuu dhanda'e. Akkaataa irratti ta'uun ishee barbaachisutti akka uumama Rabbiin irratti isii uumeen bifa isiin irratti ta'uun bareeddu sana irratti qabatamaan deebisee jira. Kunis akka sirrii ta'ee waa hubatee fi hubannoo isaa kan sirrii ta'e kanaanis of duratti yaadaan tarkaanfachaa; ergaan dhugaan waa'ee qarooma Islaamaa kana keessatti guduunfaan onnee (Aqiidaan) wantoota guddinnaa fi dagaagina isaatiif fidu hunda keessatti bu'uura ta'uu isaati.

Qaroomni Islaamaa kun laafee dadhabee qancaruum kun Sababa dhukkuba guduunfaa onnee ykn aqiidaatiini jechuun nuuf haarawaa miti. Garuu wanti barbaachisu rakkoo aqiidaa san tuyxe ifatti baafnee dubbachuudha. Kunis gama isaatiin sababa dadhabinna fi qancaruu qarooma Islaamaa ifatti kan baaseedha.

Dhugumatti warri dabran hedduun barnoota akka uummanni musliimaa horatee kana horatanii turan, guddinaa fi qabeenya akka uummanni musliimaa argatanii kana argatanii turan. mul'atiinsa akka uummanni musliimaa mul'atan sanii fi faana uummatni musliimaa of duubatti hambisaniis, hambisaniituran. Garuu rakkoon guduunfaa onnee isaanii duraa tuqu itti dhufee akka malee miidhaa irraan gahee bu'uura irra turan irra kufanii bakka isii onsuu fi dura dhaabbatanii falmuutti isaan geese jira.

Garuu guduunfaan diinii laafuun sadarkaa qaroominaa fi guddina Islaamaa muudate kan caaluu miti. Garuu muslimoonni guduunfaa isanii keessa dhama sirrii ykn adeemsa sirrii dhabanis qaroomina isaanii akka uummatoota biraa guutumaan guututti harkaa balleessuun hunda isaa hin dhabamsiifne ture.

Kun uummata tokko keessatti iddoon aqiidaa jabaa fi taa'ina isaanii keessatti bakka guddaa qabaachutti deebi'a. hawaasni musliimaa hiikkaa adda ta'een Islaamummaan buluu tahuun isaa hawaasicha musliimaa diinii keessatti bakka guddaa akka qabu godheetii jira. kunis hawaasichi guduunfaa onnee isaa gudda diinii kanaaf qabu jabeessuuf isa waan hordofu qofaaf.

Diiniin Islaamaa hawaasa kana guddisuu fi qaroomsuu keessatti isatu kakaasaa fi sochoosa kan kallattii jalqabaa fi al-kallattiis ta'uun sababa ka'umsa yaadaa, kan meeshalle fi warshaalee simatee uumuuf isa geesse. diinii kanaan yaadee, diiniin magaalomee, diiniin bu'aa qaroomina kana oomishuu, qaroomaa tahee fi mootummaa danda'e, akkasuma diinii kanaan hawaasa qaroomaa tahe ijaaruu ykn tolchuu ni danda'a.

Akka sanitti mul'anni qaroomaa walitti fufiinsaana Islaama waliin hariiroo mataa ofii godhate; humni hojjataa Islaamaas mul'ata qaroomaa keessatti argamaa jira.

Amantaan Islaamaa bifa sirrii ta'een sirna isaa qabatee yoo jiraate; Muslimni isaani qarooma simatee, sirreeffatee fudhata, ykn lafaa kaasee qarooma (civilization) isaan gitu uumma.

Ta'uumsi qaroomaa Islaamaa fudhatee, kaasee uume fi guddise kun bifa kanaan hariiroo diinii wajjiin qabu kanaan diinii fi qarooma gidduu hariiroon jabaan jiraachuu mul'isa. wal simannaa fi walitti madaqiinsi qarooma kaanaaf dhuunfaa nama Muslimaa gidduu jiru kan dhufe haalaa fi amala qaroomaa wajjiin deemuu hin dandeenye. Kanaafuu qarooma kana irraa mulqee hanbisuu fi qarooma kanaas kan gara diiniin hooganamuutti deebisuudha.

Rakkoon Guduunfaa onnee (Aqiidaan) kana mudate qaroomaa fi hafuura qaroomaa akka inni boodatti hafuu fi kufaatii isa saaxile; kanaan qaroomni kottoonfatee kufee, dhama'ee bakka itti kufetti gogee hafe. Sababaan kanaas kufaatii guduunfaa onnee (Aqiidaa) irraa kan dhufeedha.

Guduunfaan onnee tun haalaan naamuusa haalaa, amalaa fi bu'aa adeemsa ilama namaatif waan isheen barbaaddu kana giddutti faanessiti; akkasumas isaa fi fedhii lubbuu isaa karaa sirrii irraa butu itti fiduunis ifittummaa faallaa guduunfaa kanaa isa dhiibutti geessa. yeroo kana innis al-tokko itti dheekkamuun irratti qabsaa'aa, kaanis gocha isheen raawwatte kana irratti gaabbuun ishee adabee adeemsa kanaa ta'uu sirritti hubate irratti cufa. Garuu guutuun guututti dhiisuu waan hin dandeenyeef xumura dadhabbiif saaxilama.

Jaarraa sadaffaa irraa eegalee naamuusni akkanatti haalaan diigamaa fi kufaa deemu kun ifaan ifatti mul'ate kana irraa jalqabe faana faallessaa fi garagalchaa aqiidaa ta'ee dhufe. Bifti adeemsa sirrii ta'ee jijjiiramee babal'achuun naamuusa lammaffaa kan dhuunfaa Muslimaatii fi kan hawaasummaa

ta'ee argame jira. Garuu lubbuun namaa waan hamiilee dhabdeef sababaa rakkoo kanaa faana hin dhowytu; wanti isiin irra jirtu kun gaarii ta'uu dhabuu fi fokkataa ta'uu isaa sirritti hubattee beektullee, akkamitti akka dhiisuu dandeessu fala hin barbaaddu.

Aqiidaa Islaamaa wanti kottoonfachiisee of duubatti ishee deebisee akka isheen bu'aa tokkos fiduu hin dandeenye godhe isa kana. Ummannis kottoonfata kana waliin ishee fudhatanii dadhabinnaa fi laafinna kana karaa godhatanii afaaniin ishee faarfachaa, kan hojitti hin hiikamne godhanii waliin taa'utti jiran. Isheen afaanii jechuu malee kokkee bira gadi tartee onnee galuuf qophii hin qabdu waan ta'eef.

Faanti kottoonfataan kunii fi faallaan kun guduunfaa kana bifa durii osoo hin ta'in bifa haaraa ishee horachiisee akka afaaniin dubbachuu malee qaamaan gadi buuttee hojii irra hin oolle sababaa itti taatee hafte.

Fedhii fi jaalala hojii raawwachiisuutu isaan keessatti laafee dadhabe hafe jechuu ni dandeenya. Bu'uura sirrii irraa osoo hin ta'in kan dogoggora ta'e kana irraa haalli hawaasummaa fi qaroomnis madduu jalqabe; kanaaf inni laga biraa keessatti hafee amantaanis laga biraa tokko keessaa mul'ate.

Muslimni guduunfaa isaa kanaaf murti-guutuu ta'ee argatee jira. kallattii tokkoon isheef hinaafee miidhaa irraa ittisa. gara biraatiinis akkuma isiin jirtu kanaan tasgabbaa'ee (akka waan guutuu harkaa qabuu itti hojjachaa jira. Muslimni kallattii aqiidaa isaa sirritti jabeessee qabatee hordofuu fi badii

irraa eeguu irratti hinaaffaa qabaatee jiraatus; kallattii kaaniin jireenyuma amma qabatamaan jiraachaa jiru kana amanfatee (itti amamanee) tasgabbaa'ee jiraachaa jiran.

Hanga ilaalchi isaa kan jalqabaatii fi qabatamni jechaa fi gocha isaa wal faallessee argamutti. Jiruu kabajaa fi ulfinnaa isaaf ta'ee osoo geeddaruuf hin yaalle isuma kana gaarii godhatee jireenya kana jiraachaa jira. Jireenyi salphinnaa kun badaa ta'uu beekus fudhatee keessa jiraachaa jira. Akka ilaalcha isaatti lubbuun isaas tuffatamtuudha. jireenyi isiin keessa jirtu gadi aanaa fi fokkataa of irraa jijjiiruu hin dandeenyee fi jalaa bahuun isiif hin taane keessatti booji'amtee jira jedhee amana.

Ilaalcha kana irraa hubannoon fokkataan dhalatee ture; innis: hir'inni uumamaa waan isatti jiruu fi sirreeffamuu irraa abdiin murachuu, jireenya gadadoo kana keessa jiraachuu irratti madaquu fi qooda amantaa irraa qabu du'aa deemuudha; kana irraa ka'uudhaan amantaa garii qabatamaan hojii irra oolchuun waan hin taanee fi addunyaanis badii qabatamaa irraa hafuun hwaan hin danda'amne ilaalchi jedhu kan Diinii fi Duniyaa addaan baasu xumura irratti dhalate.

Gabrichi Muslimaa onnee isaa keessatti ilaalcha diiniin waan geeddarama xinnoo malee fiduu hin dandeenye baadhatee duniyaa badii yeroo hunda diinii irraa isa fageessuu malee humna isaaf hin goone keessa jiraata. Hamileen jabaan diinii irraa lubbuu isaa keessatti uumamuu danda'u sun waan dadhabaa dhufeeff hamilee diinii irraa abdiin kutachiisuu fi sochoosuu hin dandeenye ta'ee argame.

Achii booda magaalummaan barnootaa, aadaa, jabeenyaa fi ogummaa of keessatti hammattee jirtu biyyoota alagaa irraa isaanitti duultee (miidhaa itti fidde); fedhiin amantaa isaa kan inni qabu magaalummaa kan fudhachuu hin dandeenye. Akka gaafa fedhiin inni diiniif qabu jabaa turee fi Qarooma adda addaa ittiin simatee waliin deemaa ture sanitti; har'a fedhiin diinii isaa dadhabaa ta'uun akka mukaa gogeetti dhabatee hafee jira. akkasuma duniyaa fi diinii addaan baase sirritti magaalomaa fi diiniis addaan baasee ilaalamutti geese.

Hawaasni Islaamaa hawaasa bifa adda ta'ee wanti isa godhu hawaasa diiniin hoogganamu waan ta'eefi. amantaa isa keessatti sochoosaa kallattii fi isa jalqabaa waan ta'eef. Hawaasichis waamicha amantaa kana dhugoomsuu fi isaan hoogganamuu irraa haalaa fi amala haarawa horatee ture. Inni faaydaa warshaa, barnootaa fi wantoota qofa irraa hin arganne. Garuu inni kan horate haalaa fi amaloota ittiin barnoota, warshaalee fi humna wantootaa isaaf madaqsu horate.

Hubannoon amantaa qofti hawaasa Muslimaa kanaaf bal'inna ilaalchaa naannawa Adunyaa bal'aa ta'eef qabu akka xiinxalu, irraa baratuu fi dhugoomsee ittiin qajeelu isaaf kennee jira. Erga inni ilaalcha amantaa kanaan naannawa isaa ilaalee hubatee booda wal-caalinsa hawaan kun of keessatti hammatee jiru ilaalu irratti xiyyeeffannaa kennee ture. Achirraa ka'uudhaan fedhiin barnoota akaakuu fi gosa adda addaa qabu kana barbaaduu isa keessatti uumame. Akka kanatti barnoota hambaalee dhala namaa qoratan hunda biratti hirmaannaa qabu kana horate jira. Akkasumas, barnoota bifa addaatiin hambaa

Islaama qofa ta'ees lafaa kaasee (jalqabee) horate. Barnoota lamaan hambaa dhala namaa hirmaachisee fi hambaa Islaamaa qofa Kan ta'e kana walitti makuudhaan hubannoo amantaa kan barnoota lamaan garaagarummaa jiru walitti fiduun sochoosuu fi hoogganuu danda'ee jira.

KITAABNI KUN

Kitaabni kun hafuura qarooma Islaamaa xiinxala. Ilmi namaa qaroomaaf maddas, gufuus waan ta'eef, waan akka isaatti beekumsaa fi dandeettiin hin daangeffamne, kan nageenya isaati fi hawaasummaa isaa mirkaneessu isa barbaachisa. Kunis ergaa Rabbii (Wahyii) dha. Qaroomni Islaamaa bu'uura jabaa hin sochoonee fi wal-qixxummaa dhala namaa mirkaneessu, kan qarooma Girik, Roomaa, Gibxii fi Baabiloon, ammas qarooma ammayyaa kan warra ji'a irra qubateetii ol yoo jedhamu namoota hedduuf hin liqimfamu.

Dhugaan jiru, Islaammaan amantaa fi hojiidha; Rabbiin gabbaruu fi sirna hawaasummaati; sammuu haaromsiti; qaroomaas argamsiisti; baruumsas kenniti. Hojiuwan Imaam Fakhrud-diin Ar-Raazii fi Sheek Muhammad Abduhu kanaaf ragaa guddaadha. Garuu, "Diraaber" kitaaba isaa Qabsoo amantaa fi saayinsii jedhu keessatti faallaa kanaa dubbate. Haa ta'u malee, hir'inni jiru dhukkubsatuu aadaa fi Qarooma Islaamaati. Jalqabni dur hin jirree bara Sahaabotaa mul'atee falmaa turanii, boodas hayyooni akka Imaam Ibni Teeymiyyaa, Imaamul Ghazaalii fi ash-Shaaxibii fa'a itti darbantu har'as qarooma warra Dhihaatiin walqabatee itti fufe.

Rakkoolee barreessaan kitaaba kanaa, Sheek Ibni Aashuur, furmaata Muslimootaa ta'an jedhee tarreesse san, Sheek Muhammad Abduhu goggogina jedheenii, furmaannis kallatti xiinxala Ibni kalduun hordofuun, gara diinii Islaamaatti deebi'uudha jedhe. Qorattoonni lammii Ameerikaa fi Faransaayii Istoodaardi fi Foodfiro jedhaman gaafii "Maaliif Islaammaan of qofaaf ol-aanaa ta'e? Ummanni Muslimaa ol-aantummaa maaliif dhaban?" jedhurratti qorannoo adeemsisanis, deebii gahaa hin kennine. Walumaagalatti, akka ilaalcha Islaamaatti, qaroomni Muslimaa qarooma kamuu madaala aqiidaarra kaayuun gamaaggamuu fi isa amantiin wal hin faallessine qabatutti qajeelcha.